



## SAGANTAA SAFFISAAN DAA'IMMAN BARNOOTA IDILEETIIF QOPHEESSU

# QAJEELCHA BARSIISOTAA




*Ministeera Barnootaatiin Qophaa'ee Biiroo Barnoota Oromiyaatiin Afaan Oromootti Kan Hiikame*

unicef

# QAJEELCHA BARSIISOTAA
# KUTAA “O”

Ministeera Barnootaatiin Qophaa’ee Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin Gara Afaan Oromootti Kan Hiikame.

**BBO**

**Amajii 2010**

# BAAFATA

**Fuula**


**Seensa** ........ vi

**Barnoota Ji'a 1ffaa** ........ 1

Torban 1ffaa ........ 1

Torban 2ffaa ........ 4

Torban 3ffaa ........ 7

Torban 4ffaa ........ 10

**Barnoota Ji'a 2ffaa** ........ 13

Torban 5ffaa ........ 13

Torban 6ffaa ........ 16

Torban 7ffaa ........ 19

Torban 8ffaa ........ 22

**Barnoota Ji'a 3ffaa** ........ 25

Torban 9ffaa ........ 25

Torban 10ffaa ........ 28

Torban 11ffaa ........ 31

Torban 12ffaa ........ 34

**Barnootaa Ji'a 4ffaa** ........ 37

Torban 13ffaa ........ 37

Torban 14ffaa ........ 41

Torban 15ffaa ........ 44

Torban 16ffaa ........ 47

**Barnoota Ji'a 5ffaa** ........ 50

Torban 17ffaa ........ 50

Torban 18ffaa ........ 53

Torban 19ffaa ........ 56

Torban 20ffaa ........ 59

**Barnoota Ji'a 6ffaa** .................... 62
Torban 21ffaa .................... 62
Torban 22ffaa .................... 65
Torban 23ffaa .................... 68
Torban 24ffaa .................... 71
**Barnootaa Ji'a 7ffaa** .................... 75
Torban 25ffaa .................... 75
Torban 26ffaa .................... 78
Torban 27ffaa .................... 81
Torban 28ffaa .................... 85
**Barnoota Ji'a 8ffaa** .................... 88
Torban 29ffaa .................... 88
Torban 30ffaa .................... 91
Torban 31ffaa .................... 94
Torban 32ffaa .................... 97

## Seensa

Qajeelchi barsiistotaa kun daa'imman umrii 6 ta'anii yeroo jalqabaaf torban soddomii lamaaf walitti fufinsaan kennuudhaan ogummaawwan shaakala Af-dura, Shaakala Herreg-dura, Hubannoo Naannoo fi Hawaasummaa isaanii gabbisuu kennuuf kan qophaa'edha. Qajeelcha barsiistotaa kana keessatti barsiisonni sadarkaa sadarkaan maal gochuu akka qabtan ifa taasifamullee, barsiisonni haala dandeettii daa'immanii fi daree sanaa hubachuun barnooticha tartiibaqabsiisuudhaan dandeettii kalaqa isaaniitti akka fayyadaman carraan kennameefii jira.

### Gurmaa'inaa fi Gocha Baruu - barsiisuu

Barnootichi mata-duree murtaa'e ykn dhimma ijoo irratti kan xiyyeeffatan kutaalee barannoo walitti aanan **torba** kan qabu yoo ta'u, tapha dareen alaa malee tokkoo tokkoo mata-dureetiif daqiiqaan soddomni ramadameefii jira. Kutaalee barnootichaa eeruudhaaf:

1. Yeroo Marii,
2. Yeroo sheekkoo,
3. Yeroo Muuziqa,
4. Taphoota Dareen Alatti Taphataman,
5. Yeroo Shaakala Gochaa
6. Yeroo Ogummaa Gaarii fi
7. Taphoota Daree Keessatti Taasifaman.

Akkuma armaan olitti eerame barsiisonni dandeettii kalaqaa fi itti fayyadama yeroo isaanii hordofuun sochiilee kennaman inni tokko isa biraa irratti akka hundaa'u gochuun wayitiiwwan barnootaa seeraan xumuruu qabu.

Kana jechuun qajeelcha barsiisotaa irratti hundaa'uun jalqabni wayitichaa **Yeroo Marii** yoo ta'ellee barsiisotni faaruu faarsiisuun ykn akka qophii ijoolleetti sheekkoo itti himuun barsiisuu akka danda'an beekuun adeemsa barnootaa dursanii karoorsuun barbaachiisaadha.

### Kabajamaa/tuu barsiisaa/tuu!

Turtiin yeroo xiyyeeffannaa daa'immanii ykn yeroon qalbeeffannaa isaanii gabaabaa waan ta'eef wanti mirkaneeffachuu qabdu, yeroo kanatti daa'imman hundi isaanii dammaqinaan hordofaa jiraachuu isaanii fi dabalataan qabxiileen armaan gadii taa'uu qabu.

1. Haala karoora barnoota guyyichaatiin qajeelchi barsiisotaa Yeroo Marii,Yeroo Sheekkoo, Yeroo Muuziqaa, Yeroo Shaakala Gocha Dhuunfaa, Taphoota Daree Keessaa, Taphoota Dareen Alatti taphatamanii fi Yeroo Ogummaa Gaarii fayyadamuu fi dabalataaniis hidha herregaa, afaanii fi saayinsii naannoo fayyadamuun barsiisuun barbaachisaa ta'a.
2. Tokkoon tokkoo kutaa barannoo keessatti dandeettiiwwan barnootaa hammataman, jechuunis shaakala dubbiin duraa, shaakala barreessuun duraa, shaakala Herreg-duraa, hubannoo naannoo fi hawaasummaatiin uwwifamuu isaanii mirkaneeffachuun nibarbaachisa.
3. Daa'imman fedhii addaa qaban adda baasuun mala baruu-barsiisuu, meeshaalee deeggarsaa fi tooftaalee madaallii fedhiiwwan fi amaloota daa'imman waliin wal-simatanii fi fedhii barachuu daa'immanii keessummeessuu akka danda'an gochuun barbaachisaadha. Fakkeemyaaf daa'imman qaroo dhabeeyyii ta'an daree keessatti qubeewwan wantoota kanneen akka cirracharraa hojjatamaniin harkaan tuttuquun akka baratan gochuu. Akkasumas, daa'imman hubama dhageettii qaban nijiru taanaan Af- lattootti fayyadamuun barbaachisaadha.
4. Daa'imman kan baratanii fi naannoo isaanii adda baasan akkasumas dandeettii wantoota xiinxaluu, yaalii gochuu, osoo hin nuffin/hifatiin irra daddeebi'uun rawwachuu fi shaakaluu kan gabbiffatan biliisa ta'anii taphaan yoo barachuu danda'anidha. Kanaafuu, taphaan barsiisuun kan filannoo hinqabne ta'uu hubachuun barnoota hunda keessatti tapha waliin qindeessuun barsiisuuf yaalii gochuun barbaachisaadha.
5. Fakkiilee daa'immaniin hojjatamanii fi hojiilee kanneen biroos daree keessatti maxxansuu fi akka daawwataman kaa'uun barbaachisaadha. Kunis barsiisonni hojiilee daa'immaniif bakka olaanaa kennuun daa'imman miirri gaariin akka itti dhagahamu kan taasisuu fi maatiis kan gammachisu ta'a. Barsiisotaafis jijjiirama daa'immanii tokko tokko hordofuu akka danda'an gargaara.

Armaan gaditti naannawa kutaa barannoo tokkoo tokkoo keessatti seensaaf akka ta'u ibsi kennameera. Dabalataanis, jalqaba tokkoo tokkoo kutaa barannoo irratti waa'ee kutaa barnootichaa qajeelfamni raawwii kennameera.

## Yeroo Marii

Yeroo Marii jedhamee kan waamamu yeroo baay'ee wayitii barnootaa daqiiqaa soddomman ji'a sanaa keessatti yaad-rimee fi ogummaa isaan baratan maal akka ta'e sa'aatii itti

hubachiifamudha. Mariin kun daa'imman dhimma baratan irratti akka xiyyeeffatan kan taasisuufi fedhii barnootaa isaanii kakaasuuf kan tajaajiludha. Dabalataanis, mala baruu-barsiisuu baratoota giddugaleessa godhateef isaan qopheessa. Ogummaawwan marii gochuu, gaafachuu, dhaggeeffachuu fi kkf ittiin gabbifatu.

### Marii gaggeessuuf:

1. "**Kaardii Marii**" jechuun fakkii guddaa barnoota ji'a tokkoofi wantoota baay'ee kan qabate,
2. Fakkiilee kitaaba daa'immanii irratti dhiyaatanii fi
3. Fakkiilee kanneen biroos fayyadamuun barbaachisaadha.

Tokkoon tokkoo kutaa barnootichaa fi mata duree Yeroo Marii jedhu yemmuu argitan, "Kaardii Marii" ji'ichaa daa'immanitti agarsiisuun waa'ee kaayyoowwanii fi qabiyyeewwan wayitii barnootichaatti (halluu, boca, hanga, qaamolee nafa namaa ykn miseensa maatii, kkf) kennamanii fi gaaffiilee adda addaa dabaluun gaafadhaa.

## Yeroo Sheekkoo

Sheekkoon **Gaaf Tokko** jedhamu kun yeroo sheekkoon daa'immaniitti himamuudha. Sheekkoon himamu yaad-rimee torban sanatti baratan kan cimsu yoo ta'u, ogummaa dhaggeeffachuu, barsiisonni sheekkoo erga itti himanii booda sheekkoo itti himame sana irra deebi'uun seeneessuu, gaafachuu, namoota sheekkoo sana keessatti eeraman, meeshaalee, bineeldota, kkf adda baasuu fi beekuun dandeettii isaanii akka gabbifatan gargaara.

Sheekkoo itti himuun dura jechootaa fi gaaleewwan ijoo dubbisicha keessa jiran hubachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Kanaan booda, sheekkoo sana sagalee ol kaasuu fi gad-buusuun itti himaa. Daa'immaniitti sheekkoo himuun dura, dhuunfaa keenyaan dursinee dubbisuun qomaan osoo itti himame nifilatama. Sheekkoo dubbisuu ykn qomaan itti himuun erga xumuramee booda, gaaffilee sheekkoo sana keessaa bahan gaafadhaa. Dhumarrattis gorsa kennaman dabarsuu hindagatinaa.

## Yeroo Muuziqaa

Yeroon Muuziqaa kanaan dura haala barameen wayitii muuziqaa jedhamee kan waamamudha. Faaruuleen qajeelcha barsiistotaa kana wajjin walqabatanii kennaman akkuma shaakala sheekkoo sanatti barnoota torbanichaa kanneen cimsanidha. Jalqaba faaruulee gaggabaaboo faarfannaa waligalaatiin faarfachuun dhageessiisaa. Faaruuwwan dheeratan gaaleen adda baasuun irra daddeebi'uun tooftaa faarfachuun dhageessisaa. Kanatti aansee faarfannaa sana irra daddeebi'uun akka faarfatan shaakalsiisaa. Jechoota kanneen amma ta'e yaadachuu danda'uu isaanii erga mirkaneeffattanii booda faaruu isaa siidicharraa dhageessisuun ykn qomaan daa'imman wajjin faarfadhaa. Erga faarfattanii boodas jechoonni faaruu sana keessatti dhaggeeffatanii fi yaad-rimeen hubatan kutaa barannoo kanaan dura baratanii darban keessaa isa kam wajjin akka walqabatu gaafachuun mari'achiisaa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

### Barsiisaa/ttuu!

Yeroo shaakala gocha dhuunfaa/garee torbaniif qophaa'e dabalataan daa'imman yoo xinnaate guyyaatti gocha tokko hidha kitaaba daa'immaniirraa akka raawwatan taasiisuun nigorfama. Haaluma kanaan qajeelfama fuula sanarra jiru hordofuudhaan barattoonni kanneen ajajaman hojjachuu isaanii hordofaa. Daa'imman qajeelfama hordofuu hindandeenyeef xiyyeeffannaa addaa kennuufiin deeggarsa taasisaafii. Shaakalliin bu'uuraa kun yaad-rimee yeroo marii keessatti baratan irra caalaatti akka hubatan kan gargaaru ta'uu isaatiin dabalataan qubeewwan jechootaa fi lakkoofsa adda baasuun barreessuu, halluu dibuun harka akka hiikkatanii fi xiyyeeffannoo gochuun akka shaakalan isaan gargaara.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

Taphoonni daree keessatti taphataman kun sochii dabalataa barnoota torban keessatti barachaa turan itti cimsataniidha. Kana malees, taphoonni gareedhaan waan gaggeeffamaniif daa'imman dandeettii gareedhaan barachuu fi hojjechuu ittiin cimsatu.

Jalqabarratti tokkoo tokkoon daa'immanii seera taphichaa beekuu isaanii mirkaneeffadhaa. Faayidaa fi miidhaa taphicha seeraan taphachuu fi taphachuu dhiisuu hordofuun daa'immanitti himaa. Itti aansuun, yeroo taphichaa itti dhiyeenyaan hordofuun yaada barbaachisaa ta'e kennaafii. Tokkoon tokkoo taphaaf ibsi wanta itti kennameef ibsicha ykn qajeelfamicha hordofaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

Hundaa ol daa'imman taphaan akka baratan nibeekama. Taphoonni kunniin yaad-rimeewwan wayitii barnoota torbanii keessatti baratan kanneen cimsan qofa osoo hinta'iin maashaaleen

qaamolee nafa namaa isaanii akka jabaatanii fi kutaalee nafa namaa isaanii gidduutti qindoominni akka jiraatu ni gargaaru.

Jalqabatti iddoon daa'imman itti taphatan gahaa fi nageenyi isaanii kan eegamu ta'uusaa mirkaneeffadhaa. Kanaan booda daa'imman hundi taphicha irratti hirmaachuu isaanii daawwadhaa. Haata'u malee, daa'imman hir'ina qaamaa qaban yoo jiraatan, haala adda ta'een taphicha irratti akka hirmaatan gargaaraa. Qabxii qabachuun, to'achuu fi akka humna isaaniitti akka hirmaatan gochuudhaan isaanis miseensota garichaa ta'uun isaanii akka itti dhagahamu tattaaffii barbaachisaa ta'e hunda taasisaafii.

## ☺ Yeroo Ogummaa Gaarii

Yeroo shaakala Ogummaa Gaarii, daa'imman fakkiilee boca adda addaa qaban mummuruun akka maxxansan, fakkiilee adda addaa akka kaasan,dhoqqeedhaan moodela wantoota irraa akka hojjatan, waraqaa dadachaasanii mummuruudhaan bocoota adda addaa hojjechuu akka danda'an yeroo itti taasifamuudha.Yeroon Ogummaa Gaarii dandeettii kalaqa daa'immanii kan itti gabbisnuudha.

**Iyyaafannaa Walitti fuufaa Mirkaneeffannaa Gahumsaa Barsiisaa/tuu!**

Daa'imman maal akka hubatan, maal akka beekan, maal gochuu akka danda'anii fi dandeettiwwan kanneen akkamii akka qaban beekuuf iyyaafannaa walittifuufaatti fayyadamuun hubachuun barbaachisaadha. Kaayyoon iyyaafannaa walittifuufaa kanaas, gahumsa guyyaa guyyaan daa'imman irraa eeggamu qabaachuu isaanii karaa garaagaraatiin adda baasuun daa'imman gahumsa akka horatan taasisuu dha. Daa'imman umrii kanaatiif iyyaafannaan walittifuufaa qaamolee nafa namaa baruu-barsiisuu ta'ee barsiisonni tokko tokko sochii daa'imman taasiisaniin (tapha, sheekkoo, marii, gochoota garaagaraa dhuunfaafi garee) daawwanaa fi hordoffii gochuun kan raawwatamuudha. Adeemsa kana keessatti, maatiin jijjiirama daa'imman isaanii akka beekaniif, barbaachisaa yoo ta'e mana keessatti gargaarsi dabalataa akka taasifamuuf gochuun nidanda'ama.

## Barnoota Ji'a 1ffaa




# Torban 1ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Maqaa qaamolee nafa namaa adda ni baasu.(wayitti 4)
- Sagaleewwan adda addaa naannoo isaanniirraa dhufan adda ni baasu. (wayitti 5)
- Lakkoofsota (1-9) nihimu.(wayitti 5)
- Miira garaagaraa (gammachuu, lolaa, sodaa, gaddaa) addaan ni ibsu. (wayitti 4)
- Naannoo keessa jiraatan kanneen biroo waliin walbira qabuun ni ilaalu. (wayitti 4)
- Wantoota fakkiifi bobbocaawwan ittiin hojjatan adda nibaafatu. (wayitti 3)

## Mala Baruu-barsiisuu:

Marii, sheekkoo himuu, ibsa, hojiin agarsiisuu, gaaffiifi deebii, faaruufi tapha.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, kitaabilee sheekkoo, taphaa fi faaruu fakkii qaamoolee namaa adda addaa agarsiisan, gabatee lakkoofsaa 1-9, loottoo lakkoofsaa, wantoota garaagaraa lakkoofsa ittiin lakkaawan (qorkiiwwan, kkf.) fakkiiwwan currisa ibsan, meeshaalee muuziqaa adda addaa, waraabduu sagalee, siidiiwwan sagalee qabatan, murtuu(maqasa), waraqaa fakkii, qubeessaa halluu garaagaraa, halluu bishaanii, shololoo, kortoo kkf.

# Yeroo Marii

## Kaardii Marii Ji'a 1ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Kaardii marii irratti maalfaatu isinitti mul'ata?
2. Kaardii marii irratti gochaawwan mul'atan sagalee maalii kennu? Naannoo keessanitti sagaleen dhageessan kanneen maal fa'i?
3. Kaardii marii irratti mukkeen, manneen, kkf. meeqa daawwattan?
4. Kaardii marii irratti namoota mul'atan keessaa qaamonni mormaa ol mul'atan maal fa'i? Mee barataan qaamolee mormaa ol nutti agarsiisu jiraa?
5. Naannoon fakkiirratti mul'atu naannoo kee waliin yoo madaaltu maal fakkaata?
6. Kaardii irratti currisa gammachuu, gaddaa, sodaachuu, kkf. kan agarsiisu isa kami? Isin hoo yoom yoom gammaddu? Yemmuu gammaddan maal raawwattu?
7. Fakkiilee kaardii irratti daawwattan kaasuuf wantoonni akkamii kan barbaachisan isinitti fakkaata?

# Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo lakkoofsa 1 keessatti seenaa "Haala Faaxumaan ittiin of beeksifte" jedhu daa'immanitti himuudhaan gaaffilee itti aananii jiranii fi gaaffilee walfakkaatan gaafadhaa. Dhumarrattis gorsa jiru daa'immaniif dabarsuu hindagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha **Taphoota Dareen Alatti Taphataman** keessatti, tapha lakkoofsa 1 "**moggaasa maqaa qaamolee fuularraa**" jedhu taphachiisuun moggaasa maqaa qaamolee nafa namaa akka adda baafatan gargaaraa.
- Hidha **Taphoota dareen alatti taphataman** lakkoofsa 2 "**Tapha Bineeldota**" jedhu taphachiisuun sagaleewwan garagaraa naannoo irraa dhufan akka adda baasan gargaaraa. Itti aansuun gaaffiiwwan jiran gaaffadhaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha "Shaakala Gochaa" jedhu keessatti, haala gocha 1 irratti jiruun daa'imman marsaa marsaan akka Faaxumaatti hiriyyoota daree isaanii waliin akka of beeksiisan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha "Shaakala Gochaa" jedhu keessatti, haala gocha 2 irratti jiruun lakkoofsa 1-9 jiran qomaan/jechaan akka waaman taasisaa.
- **Gocha 3:** Hidha "Shaakala Gochaa" jedhu keessatti, haala gocha 3 irratti jiruun lakkoofsa 1-9 jiran quba isaanii ykn qorkii ykn wantoota walfakkaatan tartiibessuun akka lakkaawan taasisaa.
- **Gocha 4:** Hidha "Shaakala Gochaa" jedhu keessatti, haala gocha 4 irratti jiruun kaardii lakkoofsaatti fayyadamuun lakkoofsa 1-9 akka qomaan/jechaan waaman taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Wantoota garaagaraa fakkii kaasuuf nu tajaajilan kanneen akka qubeessaa, qartuu, haaqxuu, sarartuu fi waraqaa dhiheessuun daa'imman akka beekan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha **Taphoota Daree Keessatti Taphataman** keessatti tapha lakkoofsa 1 "**maaltu isinitti dhagahame?**" jedhu taphachiisuun currisa garagaraa fakkeessuun akka agarsiisan gargaaraa.(fkn: currisa gammachuu fi gaddaa)
- Hidha **Taphoota Daree Keessatti Taphataman** keessatti tapha lakkoofsa 2 "**loottoo lakkoofsaa**" jedhu akka taphatan taasisuun lakkoofsota sagaleen akka adda baafatan gargaaraa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha **Yeroo Muuziqaa** jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa $1^{\text{ffaa}}$ “**Haadeemnu mana barumsaa**” jedhu faarfachiisuun mana barumsaa isaanii akka jaalatan taasiisaa.
- Hidha **Yeroo Muuziqaa** jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa $2^{\text{ffaa}}$ “**Qaamolee nafa namaa**” jedhu faarfachiisuun kutaalee nafa namaa akka adda baafatan taasisaa.
- Hidha **Yeroo Muuziqaa** jedhu keessatti lakkoofsa 1-9 akka lakkaawan faaruu Lakkoofsa $3^{\text{ffaa}}$ “**tokko maali?**” jedhu faarfachiisaa.
- Hidha **Yeroo Muuziqaa** jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa $4^{\text{ffaa}}$ “**Faaruu Hantuuta**” jedhu faarfachiisuun sagaleewwan bineeldoota naannootti argaman akka adda baasan gargaaraa.

# Torban $2^{\text{ffaa}}$

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa’imman barnoota kana booda::**

- Moggaasa maqaa qaamolee nafa namaa adda baasu.(wayiti 4)
- Sagaleewwan garagaraa naannoo irraa dhufan adda baasu.(wayiti 2)
- Sagaleewwan bineeldota namatti madaqan ofitti dhiheessuuf gargaaran adda baasu. (wayiti 3)
- Lakkoofsota 10-20 ni waamu.(wayiti 5)
- Gosa currisa (fkn: gammachuu, lola, sodaa fi gadda) ni ibsu.(wayiti 4)
- Naannoo keessa jiraatan naannoo biroo waliin walbira qabuun ni ilaalu.(wayiti 4)
- Wantoota fakkii kaasuu fi boca bobbocuuf gargaaran adda baasu.(wayiti 3)

## Mala Baruu-Barsiisuu:

Agarsiisuu, ibsa, gaaffii fi deebii, faaruu, tapha, sheekkoo fi shaakala

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, kitaabilee sheekkoo, taphaa fi faaruu fakkii qaamolee namaa adda addaa agarsiisan, gabatee lakkoofsaa 10-20, loottoo lakkoofsaa, wantoota garaagaraa lokkoofsa ittiin lakkaawan (qorkiiwwan, kkf.) fakkiiwwan currisa ibsan, meeshaalee muuziqaa adda

addaa, waraabduu sagalee, siidiiwwan sagalee qabatan, murtuu(maqasa), waraqaa fakkii, qubeessaa halluu garaagaraa, halluu bishaanii, shololoo, kortoo, sanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

## Kaardii Marii Ji'a 1ffaa

### Gaaffiilee Marii

1. Kaardii marii irratti beeladoota manaa maal faatu isinitti mul'ata? Mana keessatti beeladoota manaa qabduu? Beeladoota manaa ofitti madaqsuuf ykn ofirraa fageessuuf sagaleewwan kanneen akkamii fayyadamtu?
2. Kaardii irratti namoota mul'atan keessaa qaamoleen nafa namaa mormaa gaditti mul'atan maal fa'i? Mee qaamolee mormaa gadi ta'an kan agarsiisu eenyu?
3. Kaardii marii irratti gochawwan sagalee maali dhageessisanitu mul'ata?
4. Naannoo keessanitti sagalee dhageessan keessaa kamtu isin gammachiisa? ykn isin jeeqa? Maaliif?
5. Kaardii marii irratti dubartoota meeqatu mul'ata? Gabatee lakkoofsaa irraa lakkoofsa 10-20 eenyutu qomaan/jechaan waama?
6. Ganda biroo deemtanii beektuu? Wantoota ganda keessanirraa adda ta'e maal maal agartan?
7. Daa'imtichi waan maal ta'eef fiiga? Daa'imni sareen ari'u maaltu itti dhagahama jettee yaadda?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsa 2 seenaa "**haala Faaxumaan naannoo ishii ittiin beeksiifte**" jedhu daa'immanitti himuudhaan gaaffilee itti aananii jiranii fi gaaffilee walfakkaatan gaafadhaa. Dhumarrattis gorsa jiru daa'immaniif dabarsuu hindagatiinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha **Taphoota Dareen Alatti Taphataman** keessatti, tapha lakkoofsa 3 "**Qaamolee nafa namaa tuquu**" jedhu akka taphatan taasiisuun kuutaalee nafa namaa akka adda baafatan gargaaraa.

- Hidha Taphoota dareen alatti taphataman keessatti tapha lakkoofsa 4 sagaleewwan beeladoota namatti madaqan garaagaraa ofitti dhiheessuuf ykn fageessuuf gargaaran akka adda baasan **Beeladota madaqan garagaraa ofitti dhiheessuu ykn fageessuu** jedhu akka taphatan gargaaraa.
- Daa’imman tapha filataman gareenis ta’e dhunfaan akka taphatan gochuun dagaaginni waliigalaa daa’immanii akka gabbatu gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha **Shaakala Gochaa** jedhu keessatti, haala gocha 2 irratti jiruun lakkoofsa 10-20 jiran qomaan/jechaan/ akka waaman taasisaa.
- **Gocha 2**: Hidha **Shaakala Gochaa** jedhu keessatti haala gocha 3 irratti jiruun lakkoofsa 10-20 jiran qorkii ykn wantoota walfakkaatan tartibessuun akka lakkaawan taasisaa.
- **Gocha 3**: Hidha **Shaakala Gochaa** jedhu keessatti haala gocha 4 irratti jiruun kaardii lakkoofsaatti fayyadamuun lakkoofsa 10-20 akka qomaan/jechaan waaman taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Wantoota bobbocaawwan garaagaraa hojjachuuf nu gargaaran fkn. shuboo, kaartoona, dhoqqee, pilaastika, murtuu, boca baastuu fiduun daa’imman ulaagaa garaagaraatiin (gosa, hanga, haalluu, kkf.) akka adda baasan taasisaa.
- Fakkii kaardii marii lakkoofsa 5 irra jirutti fayyadamuun dhaabbilee adda addaa naannoo sanatti argaman agarsiisuun dhaabbilee naannoo isaaniitti argaman waliin walbira qabuun akka ilaalan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha **Taphoota Daree Keessatti Taphataman** keessatti, tapha lakkoofsa 1 “**maaltu isinitti dhagahame?**” jedhu taphachiisuun currisa garagaraa fakkeessuun akka agarsiisan gargaaraa.(fkn. currisa gammachuu fi gaddaa)
- Hidha **Taphoota Daree Keessatti Taphataman** keessatti, tapha lakkoofsa 2 “**loottoo lakkoofsaa**” jedhu akka taphatan taasisuun lakkoofsota sagaleen akka adda baafatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha "Yeroo Muuziqaa" jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa 1ffaa "**Haadeemnu mana barumsaa**" jedhu farfachiisuun mana barumsaa isaanii akka jaalatan taasisaa.
- Hidha "Yeroo Muuziqaa" jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa 2ffaa "**Qaamolee Nafa namaa**" jedhu faarfachiisuun qaamolee nafa namaa akka adda baafatan taasisaa.
- Hidha "Yeroo Muuziqaa" jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa 3ffaa lakkoofsa 10-20 akka lakkaawan "**Tokko maali?**" jedhu faarfachiisaa.
- Hidha "Yeroo Muuziqaa" jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa 5ffaa "**Akaakuuwwan Halluu**" jedhu faarfachiisuun halluuwwan fakkii kaasuuf fayyadan akka adda baasan taasisaa.

# Torban 3ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Hojii qaamolee nafa namaa garagaraa ni'ibsu.(wayiti 4)
- Sagaleewwan bineeldota namatti madaqan ofitti dhiheessuu fi fageessuuf gargaaran adda baasu.(wayiti 2)
- Sagaleewwan namoota garagaraa adda baasu.(wayiti 3)
- Lakkoofsota 1-20 niwaamu.(wayiti 2)
- Lakkoofsota nibarreessu.(wayiti 3)
- Gosa currisaa (fkn. gammachuu, lola, sodaa fi gaddaa) ni ibsu.(wayiti 2)
- Dandeettiiwwan ofiin of gargaaruu shaakalaan gabbifachuun nifayyadamu. (wayitii-2)
- Naannoo itti jiraatan naannoo biroo waliin walbira qabuun ilaalu.(wayiti 4)
- Garaagarummaa fakkiilee fi bocaawwanii ni ibsu. (wayitii-3)

### Mala Baruu-barsiisuu:

Marii, oduu durii himuu, agarsiisuu, ibsa, gaaffiifi deebii, faaruu, taphaafi shaakala

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, kitaabilee sheekkoo, taphaa fi faaruu, fakkii qaamolee nafa namaa adda addaa agarsiisan, Wantoota garaagaraa lokkoofsa ittiin lakkaawan (qorkiiwwan, kkf.), fakkiilee dhaabbilee adda addaa naannoo isaaniitti argaman, fakkiilee adda addaa maxxanfaman, fakkiiwwan currisa adda addaa ibsan, meeshaalee muuziqaa adda addaa, waraabduu sagalee, siidiiwwan sagaleen irratti waraabaman, murtuu(maqasa), waraqaa fakkii, qubeessaa halluu garagaraa, halluu bishaanii, shololoo, kortoo, sanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

## Kaardii Marii Ji'a 1ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Kaardiirratti nama gaddaa jiru ni argituu? Maaliif gadde isinitti fakkaata?
2. Kaardiirratti haaloota sagaleewwan nama gammachiisanii fi nama jeeqan ni argituu? Naannawaa keessanitti sagaleewwaan nama gammachiisanii fi nama jeeqan kam fa'i? Maaliif?
3. Daa'imman kaardicharratti argaman maal hojjechaa jiru? Hojicha kutaalee nafa namaaa kamiin raawwatu?
4. Naannoon kaardiirratti mul'atu naannoo keessaan waliin walbira qabdanii yeroo ilaaltan maal fakkaata? Naannoo keessanitti maal maaltu mul'ata? Ganda biraa deemtanii beektu? Yoo argitan naannoo keessanirraa waan addaa maal maal argitan?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsa 3 seenaa "Akaataa eeggannaa qulqullinaa Ayyaantuu" seenesaafi itti fufuunis, gaaffilee kanaan walqabatan gaafadhaa. Dhumarrattis gorsa jiru daa'immaniif dabarsuu hindagatiinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha "Taphoota Dareen Alatti Taphataman" keessatti, tapha lakkoofsa 5 tapha herregaa "Lokkofsotaan garee uumuu" jedhu akka taphatan taasisuun lakkoofsota akka adda baafatan gargaaraa.

- Hidha "taphoota dareen alatti taphataman" keessatti tapha lakkoofsa 6 "Hiriyyaan koo garam jira?" tapha jedhu taphachiisaa sagaleewwan bineeldota madaqanii garaagaraa ofitti dhiheessuu fi ofirraa fageessuuf adda baasuuf gargaaran akka adda baafatan gargaaraa.
- Daa'imman ija isaanii akka dunuunfatan gochuudhaan sagaleewwan hiriyyoonni isaanii biroon dhageessisan kan bineelda kamii akka ta'e akka adda baafatan taasisaa.
- Hidha "Taphoota Dareen Alatti Taphataman" keessatti, tapha lakkoofsa 4 "tapha beeladotaa" jedhu taphachiisuun sagaleewwan akka adda baafatan taasisaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha "Shaakala Gochaa" jedhu keessatti, haala gocha 5 irratti jiruun lakkoofsa 1-20 jiran qorkiidhaan yookaan wantoota biroon tarreessanii lakkoofsaa fi wantoota akka walitti firoomsanii fi lakkaawan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha "Shaakala Gochaa" jedhu keessatti, haala gocha 4 irratti jiruun kaardii lakkoofsarraa 1-20 lakkoofsota jiran qomaan/jechaan akka waaman gaafadhaa.
- **Gocha 3:** Hidha "Shaakala Gocha" jedhu keessatti, haala gocha 6 irratti jiruun haala qabannaa fi fayyadama qubeessaa akka shaakalan gochuudhaan lakkoofsota 1-20 jiran akka diban taasisaa.
- **Gocha 4:** Hidha "Taphoota Dareen Alatti Taphataman" keessatti, tapha lakkoofsa 7 irra haala jiruun lakkoofsota 1-20 tuqaalee qophaa'an walitti fiduun barreessuu akka shaakalan gargaaraa.
- **Gocha 5:** Fakkii qaamolee nafa namaa mormaa ol kan alaa mul'isu daa'immanitti agarsiisuun faayidaa isaanii akka himan gargaaraa. Itti aansuun yaada kennaafii (fkn. ija- ilaaluf, gurra-dhageettiif kkf.)

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Fakkii jechuun maal jechuu akka ta'e daa'imman waliin mari'adhaa. Fkn. dhaabbilee naannawa isaanitti argaman fakkii kaasuun agarsiisuu.
- Hidha Ogummaa Gaarii keessatti ogummaa gaarii lakkoofsa 1ffaa "fakkiiwwan maxxansuu" jedhu akka hojjatan gochuun waa'ee fakkii akka hubatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha "Taphoota Daree Keessatti Taphataman" keessatti, tapha lakkoofsa 1 "Maaltu isinitti dhagahame?" jedhu taphachiisuun currisa garagaraa fakkeessuun akka agarsiisan gargaaraa.(fkn. currisa gaddaa)

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha "Yeroo Muuziqaa" jedhu keessatti faaruu Lakkoofsa $2^{ffaa}$ "Qaamolee Nafa namaaa" jedhu faarfachiisuun moggaasa maqaa qaamolee nafa namaa akka adda baafatan taasisaa.

# Torban $4^{ffaa}$

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Hojii kutaalee nafa namaa garagaraa ni'ibsu.(wayiti 4)
- Sagaleewwan namoota garagaraa adda ni baasu.(wayiti 1)
- Qajeelchaa fi qajeelfama hubachuun deebii ni kennu.(wayitii 4)
- Lakkoofsota ni barreessu.(wayiti 5)
- Dandeettiiwwan ofiin of gargaaruu shaakalaan gabbifachuun nifayyadamu. (wayitii-4)
- Naannoo keessa jiraatan naannoo biro waliin walbira qabuun ni'ilaalu.(wayiti 1)
- Garaagarummaa fakkiilee fi bocaawwanii ni'ibsu. (wayitii-2)
- Iddoowwan faayida qabeessa ta'an adda nibaasu.(wayitii-3)
- Wantoota adda addaa naannoo isaaniitti argaman fakkii kaasu.(wayitii 1)

## Mala Baruu-barsiisuu:

Marii, Oduu durii himuu, agarsiisuu, ibsa, gaaffii fi deebii, faaruu, taphaa fi shaakala

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, kitaabilee sheekkoo, taphaa fi faaruu, fakkii qaamolee nafa namaa adda addaa agarsiisan, kaardii lakkoofsa 1-20 agarsiisuu, bocaawwan adda addaa, Fakkiilee dhaabbilee adda addaa naannoo isaaniitti argaman; fakkiilee adda addaa maxxanfaman fakkiiwwan currisa adda addaa ibsan, meeshaalee muuziqaa adda addaa, waraabduu sagalee, siidiiwwan sagaleen irratti waraabaman, murtuu(maqasa), waraqaa fakkii, qubeessa halluu garagaraa, halluu bishaanii, shololoo, kortoo, sanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

## Kaardii Marii Kan Ji'a 1ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Kaardiirratti iddoowwan bu'a qabeessa ta'an maalfaa argituu? Iddoowwan bu'a qabeessa ta'an kanneen kam akka ta'an hiriyyoota keessaniif himaa? Tajaajila akkamii isiniif kennuu?
2. Kaardiirratti gochaawwan of-gargaaruu kanneen akkamiitu isinitti mul'ata?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsa 4 seenaa "Hantuuta lameen" jedhu seenessuun daa'imman naannoowwan itti jiraatan naannoo biroo waliin walbira qabuun akka ilaalan gargaaraa. Gaaffiiwwan sheekkicha waliin walqabatan gaaffadhaa. Dhumarrattis gorsa jiru daa'immaniif dabarsuu hindagatiinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha "Taphoota Dareen Alatti Taphataman" keessatti, tapha lakkoofsa 7 "Magariisa Magariisa"jedhu taphachiisuun qajeelchaa fi qajeelfama hordoofuu fi deebii kennuu shaakalsiisaa.
- Tapha bilisaa daa'imman filatan dhuunfaatiinis ta'e gareedhaan akka taphatan godhuudhaan dagaaginni waliigalaa daa'immanii akka gabbatu taasisaa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Lakkkofsa 1-20 jiran itti agarsiisuun daa'imman kitaaba yaalii isaanii irratti irra deddeebiin akka shaakalan gargaaraa.
- **Gocha 2:** Fakkii qaamolee nafa namaa gara alaa mormaa olii daa'mmanitti agarsiisuun faayidaalee qaamoleen kanneen akka himan gargaaraa; Dhuma irrattis yaada waliigalaa kennaafii. Fakkeenya, harka tuttuqqaaf, miilli ittiin deemuuf fi kkf.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Daa'imman waliin bobbocni maal akka ta'an mari'achuu. Fkn: bobboca naannoo keenyatti argaman itti agarsiisuun maal jechuu akka ta'an akka hubatan gargaaraa.
- Hidha Ogummaa gaarii lakkoofsa 2 keessatti fakkiiwwan naannootti argaman garagaraa boca adda addaatiin mummuruun deebisanii walqabsiisuu akka shaakalan gargaaraa.
- Hidha Ogummaa gaarii lakkoofsa 3 keessatti kitaaba barataan irraa shaakalu irratti iddoo barbaachisaa akka halluu diban taasisaa.


## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessatti taasifaman tapha lakkoofsaa 3 sagalee namoota umrii adda addaa irratti argamanii (fkn sagalee maanguddoo, ga'eessaa, dargaggeessaa, daa'immanii, kan dhiiraa, kan dubartii fi kkf) yeroo adda addaa dhageessisuun taphaan akka adda baafatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Faayidaalee qaamolee nafa namaa mormaa gadii addaan baafachuuf akka isaan gargaaru faaruu qopheessuun akka faarsan taasisaa.
- Hidha faaruu lakkoofsa 6 keessatti "harka dhiqannaan akkana"kan jedhu bifa faaruutiin irra deddeebiin faarsuun dandeettii of-gargaaruu isaanii akka gabbifatan taasisaa.

## Barnoota Ji’a 2ffaa




# Torban 5ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa’imman barnoota kana booda::**

- faayidaa qaamolee tokko tokkoon  ni ibsu.(Waytii 4)
- Qajeelfamootaa fi ajaja adda addaa hubatanii deebii ni kennu.(Waytii 4)
- Seera walitti dhufeenya garee keessatti mala ni fayyadamu.(waytii 1)
- Lakkoofsota ni barreessu. (Waytii 5)
- Shaakala keessatti mala dandeettii ofiin of-gargaaruu ni fayyadamu.(Waytii 2)
- Dandeetti rakkoo hawaasummaa hiikuu ni gonfatu.(waytii 2)
- Iddoowwan faayidaa qabeessa ta’an addaan ni baasu.(Waytii 4)
- Wantoota adda addaa naannoo isaanitti argaman fakkiilee ni kaasu.(Waytii 3)

## Mala Baruu-barsiisuu

Mala mariitiin, sheekkoo adda addaa itti himuun.ibsaan, hojii gochaatiin, gaaffii fi deebiidhaan, faaruudhaan taphaan fi kkf..

## Meeshaale Baruu-barsiisuu

Kaardii marii,sheekkoo, kitaabilee taphaa fi faaruu,fakkiilee wantoota naannoo keenyatti argaman, lakkoofsota maxxanfaman, meeshaalee muuziqaa adda addaa, waraabduu sagalee,siidiwwaan sagalee fi taphoota adda addaa of-irraa qaban,murtuu(maqasa),waraqaalee fakkii,qubeessaa halluu adda addaa qaban, halluu adda addaa, dibduu halluu xixinnoo, meeshaa tapha daa’immanii dur-duubee, madaala, shololoo, naannessituu, ujummoolee keessa hulluuqan, kortoo, gommaawwan adda addaa, sanduuqa cirrachaa fi kkf.

## Yeroo Marii

## Kaardii Marii Ji’a 2ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Fakkii irraa maal fa’atu isinitti mul’ata?
2. Wantoota fakkii irraa mul’atan keessaa kami of-dandeessanii mana keessanii fi mana barnootaa keessatti raawwachuu dandeessu? Of-dandeessanii yoo raawwattan maal isiiniif godha?
3. Namoota of-gargaaraa jiran fakkii irratti argaa jirtuu? Maal gochaa jiru?
4. Fakkii keessatti iddoowwan faayida qabeessa ta’an eessa akka ta’an hiriyoota keessanitti agarsiisuu dandeessuu? Faayidaalee maal maal kennu?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo lakkoofsa shan keessatti sheekkoo “Jamaaliifi Gammachuu” jedhu daa’immanitti himaa.Itti aansuun gaafilee sheekkoo kana jalatti qophaawan gaafadhaa. Dhuma irrattis ergaa sheekkoo kanaan daa’immaniif dabarsuun barbaadame itti himuu hin irraanfatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Taphoota dareen alatti taphataman keessaa hidha lakkoofsa 8 keessatti "Obseen akka jette" tapha jedhu taphachiisuun qajeelfamaa fi ajaja dhaggeeffatanii hubachuun deebii kennuu akka shaakalan taasisaa.
- Tapha bilisaa daa'imman filatan tokko gareedhanis ta'ee dhuunfaadhaan akka taphatan gochuun daa'imman dandeettii waliigalaa akka gonfatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha shaakala gochaa lakkoofsa 8 bu'uura taasifachuun daa'imman geengoo hojjetanii akka taa'an gochuun waa'ee tapha jaalatan tokko akka mari'atan taasisaa. Hoogganaa garee filachuun sirritti dhaggeeffachuu fi hirmaachuu akka shaakalan gargaaraa.Gaafilee adda addaa wal-gaafachuun akka irratti mar'atan gargaaruun barbaachisaa dha.
- **Gocha 2:** Haala hidha gochaa lakkoosfsa 9 irratti mul'atuun lakkoofsota 1-20 jiran irra deddeebiin afaaniin dubbachaa barreessuu akka shaakalan taasisaa.
- **Gocha 3:** Haala hidha gochaa lakkoofsa 10 irratti mul'atuun barbaachisummaa fi faayidaa of- gargaaruu irratti daa'imman mari'achuun hubannoo isaanii akka gabbifatan taasisaa.
- **Gocha 4:** Barsiisaa/tuu mee waa'ee tapha ofii keetii jaalattuu tokko sababa jaalatteef waliin daa'immanitti himi. Itti aansuun daa'imman tapha jaalatan tokko akka himaniifii maaliif akka jaalatan akka ibsan taasisi.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha lakkoofsa 3 hidha ogummaa gaarii keessatti jarmiyaalee naannoo keessanitti argaman keessaa faayida qabessa kan ta'an halluu akka diban taasisaa.
- Hidha ogummaa gaarii lakkoofsa 4 qaamolee nafa namaa adda addaa halluu akka diban gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Taphoota daree keessatti taphataman keessaa hidha lakkoofsa 4 tapha "Xaxaa harkaa hiikuu" jedhu akkaataa hidhaa kana hiikuu danda'an irratti hubannoo argachuun rakkoo hawaasaa hiikuu akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Muuziqaa

- Faayidaalee kutaa qaamolee mormaa gaditti argamanii hubachuun faarulee adda addaa qopheessuun akka faarfatan taasisaa.
- Hidha faaruu keessatti faaruu lakkofsa 7, "Faaruu Obboleewwanii" jedhu irra daddeebi'anii akka faarfatan taasisuun dandeettii ofiin of-gargaaruu akka gonfatan taasisaa.

# Torban 6ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Si'oominaa fi jabina sochii nafa namaaa ni agarsiisu.(Waytii 4)
- Garee keessatti mala walii galtee seera qabeessa ta'e ni fayyadamu.(Waytii 5)
- Lakkoofsota ni barressu.(Waytii 3)
- Jechoota sadarkaa ibsan ni fayyadamu. Fkn 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa fi kkf. (Waytii 2)
- Dandeettii rakkoo hawaasummaa hiikuu ni gabbifatu. (Waytii 4)
- Amaloota wantoota naannoo isaanitti argamanii addaan ni baafatu. (Waytii 4)
- Fakkiilee wantoota adda addaa naannoo isaanitti argamanii ni kaasu. (Waytii 3)

## Mala Baruu-barsiisuu

Mala marii, sheekkoo himuu, ibsa kennuu, gochaan agarsiisuu, gaaffiifi deebii, faarulee, tapha adda addaa fi kkf

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaabilee faaru fi taphoota adda addaa, ulee dheerina adda addaa qaban, kubbaa adda addaa, fakkii namoota sochii nafa namaaa adda addaa taasisanii, fakkii jarmiyaalee naannoo isaanitti argamanii, meeshaalee muuziqaa adda addaa.warabdu sagalee, siidiwwan taphoota fi sagalee adda addaa of irraa qaban, murtuu (maqasa), waraqaa fakkii, qubeessaa halluu adda addaa, halluu bishaanii, dibduu xixinnoo, meeshaa tapha duraa-duubee, madaala, shololoo, naannessituu, ujummoo keessa hulluuqan,kortoo,gommaa adda addaa, saanduuqa cirrachaa fi kkf.

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii ji'a 2ffaa

### Gaafilee Marii

1. Fakkii irratti sochiiwwan jabina nafa namaatiif gargaaran kam fa'a?
2. Fakkii irratti mucaa saree jalaa bahuuf fiigu sareen akka isa hin ciniinne jalaa bahuuf maal gochuu qaba? Osoo isin ta'ee hoo maal gootu?
3. Fakkii irratti mucaan miila namichaa jala jilbiifatee maal gochaa jira?
4. Fakkii irratti namoonni bakka tokkotti walitti qabamanii mul'atan walitti dhufeenya gaarii irra waan jiran isinitti fakkaataa? Akkamitti beektan?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessattis heekkoo lakkoofsa 6 akkaataa rakkooleen hawaasummaan wal-qabatan itti hiikaman irratti sheekkoo itti himaa. Itti aansuun daa'imman sheekkoo keessatti taatota ibsaman fakkeessanii akka taphatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Daa'imman dirree taphaa fiixee tokkoo gara fiixee biraatti ce'uun dandeettii sochii adda addaa (tarkaanfachuu,fiiguu, fi kkf) akka agarsiisanii fi sarara fageenyaa murtaa'e irratti tarkaanfii isaanii akka lakkaawan gargaaraa.
- Daa'imman tapha bilisaa filatanii gareedhanis ta'e dhuunfaadhaan akka taphatan gochuun dandeettin waliigala daa'immanii akka dagaaguu gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha shaakala gochaa keessatti gocha lakkoofsa 11 irratti haala jiruun lakkoofsota 1- 20 jiran keessaa kan hafan (hanqatan) guutuudhaan akka shaakalan gargaaraa.
- **Gocha 2:** Meeshaalee dheerina adda addaa qaban daa'immaniif kennuun gabaabaa irraa gara dheeraatti akka tarreessan gochuun dheeraa,gabaabaa, giddu-galeessa akka adda baasanii dubbachuu danda'an gargaaraa.

- **Gocha 3:** Daa'imman gareen ta'uun wantoota mooraa mana barumsaa keessatti argaman walitti qabuun meeshaalee kana akka amala isaaniitti adda baasan gargaaraa. Fkn marga,dhagaa,biyyee,baala fi kkf fiduun bifaan,hangaan,halluu isaanitiin akka adda baasan taasisaa.
- **Gocha 4:** Hidha shaakala gochaa keessaa, gochaa lakkoofsa 8 irratti bu'uureeffachuun daa'immnan gareen ta'uun jarmiyaalee naannoo isaanitti argaman adda addaa fkn buufata fayyaa,mana barumsaa,iddoo gabaa fi kkf faayidaa isaanii irratti akka mar'atanii fi akkaataa mala waliigaltee garee keessatti barbaachisu (yaada ofii bilisa ta'anii dhiyeeffachuu,dabaree eeganii dubbachuu,wal-dhaggeeffachuu fi kkf) akka shaakalan gargaaraa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Fakkiilee namoota sochii nafa namaa adda addaa taasisan ilaaluun halluu adda addaa dibuu akka shaakalan gargaaraa.
- Fakkii jarmiyaalee naannoo isaanitti argaman adda addaa ilaaluun halluu adda addaa akka dibuu shaakalan gargaaraa.
- Iddoo halluu adda addaa argachuu hin dandeenyetti wantoota naannotti argaman fkn baala, habaaboo (ilillii), biyyee fi kkf fayyadamuun ni danda'ama.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 4 xaxaa harkaa hiikuu (harka walitti hidhuu) jedhu akka taphatan taasisuun dandeetti rakkoo hawaasummaa hiikuu akka gonfatan gargaaraa.

## Yeroo Muuziqaa

- Daa'imman amaloota wantootni naannoo isaanitti argaman walitti dhufeenya qaban irrrati faaruu qopheessuun akka faarsan taasisaa.
- Hidha faaruu keessaa faaruu lakkoofsa 8 "hundi keenyaa tokkummaan" jedhu akka faarfatan gochuun yaadolee walitti dhufeenya hawaasaa akka shaakalan gargaaraa.

# Torban 7ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Sochii nafa namaa saffisaa fi jabina qabu ni agarsiisu. (Waytii 4)
- Haala ho'aan marii keessatti ni hirmaatu. (Waytii 5)
- Jechoota sadarkaa ibsan fkn 1ffaa,2ffaa,3ffaa ni fayyadamu. (Waytii 4)
- Meeshaahalee qabatamoo irratti hundaayuun jechoota wal-madaallii adda ni baafatu. Fkn irra guddaa,irra xinnaa,wal-qixa. (Waytii 1)
- Dandeettii rakkoo hawaasaa hiikuu ni gonfatu. (Waytii 2)
- Namni akkamiin miidhamuu ykn fayyadamuu akka danda'u ni ibsu. (Waytii 2)
- Amaloota wantoota naannoo isaanitti argaman addaan ni baafatu. (Waytii 4)
- Wantoota adda addaa naannoo isaanitti argaman fakkii ni kaasu.(Waytii 3)

## Mala Baruu-barsiisuu

Mariidhaan, sheekkoo himuun, ibsa kennuun, hojii adda addaa gochaan agarsiisuun, gaaffii fi deebidhaan, faarudhaan, taphoota adda addaa fi kkf.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii,sheekkoo,kitaaba sheekkoo fi taphoota adda addaa,ulee dheerina adda addaa qaba,kubbaa fi fakkiilee,meeshaalee muuziqaa adda addaa,waraabduu sagalee,siidiwwan sagalee fi taphoota adda addaa of irraa qaban,murtuu,waraqaa fakkii,qubeessaa halluu adda addaa qaban,halluu bishaanii,dibduu xixinnoo,meeshaa taphaa duraa-duubee,madaallii,shololoo, naannessituu ,ujommmoo keessa hulluuqan,kortoo,gommaa adda addaa,saanduqa cirrachaa fi kkf

## Yeroo Marii

## Kaardiii Marii Ji'a 2ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Fakkii irratti maal maaltuu isinitti mul'ata? Gochoota akkamiittu raawwatamaa jira?
2. Fakkicha sirritti ilaalitii baay'ina warra shamarranii moo kan dhiiratuu caala isinitti fakkaata? Baay'inni warra shamarranii meeqa? Kan dhiiraa hoo?
3. Fakkii kana irratti namoonni wal-miidhaa ykn wal-fayyadaa jiran isinitti mul'atuu? Eenyu fa'a? Akkamitti?
4. Fakkii irratti namoonni mari'achaa jiran isinitti mul'atuu? Isaaan kam kami? Waa'ee maalii mar'atu isinitti fakkaata?

## Yeroo Sheekkoo

Hidha sheekkoo keessaa sheekoo lakkoofsa 7 "walgahii bineensota bosonaa" erga itti himameen booda gaafilee dandeettii waliin wlittidhufeenya qaban gaafadhaa.Dhuma irrattis ergaa sheekkoo kanaa himuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphaa keessatti tapha lakkoofsa 9 "Bineensota fakkeessanii taphachuu" jedhu taphachuun sochii bineeldotaa fakkeessuun akka shaakalan gargaaraa.Fkn tapha akka qamalee, raacha fi kkf.
- Daa'imman tapha bilisaa filatan tokko dhuunfanis ta'ee gareedhaan akka taphatan taasisuun dandeettin daa'immanii kallattii hundaaan akka ta'u gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Meeshaalee dheerina adda addaa qaban (fkn uleewwan dheerina adda addaa qaban, qubeessaa adda addaa fi kkf) daa'immanitti kennuun gabaabaa irraa gara dheeraatti akka tarreessan gochuu.Haaluma dheerina isaanii irratti hundaayuun 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa jechuun sadarkaan akka teechisan gargaaraa.

- **Gocha 2:** Daa'imman gareen ta'uun mooraa mana barumsaa keessatti kan argaman biqiloota adda addaa walitti qabuun haala amaloota biqoloota kanneeniin adda akka baasan gargaaraa. Fkn habaaboo (ilillii),balaa,margaa fi kkf fiduun kan goggoge,jiidhaa,dheeraa,gabaabaa,lallaafaa, jabaataa,bal'aa,qal'aa,kan habaaboo qabu,kan habaaboo hin qabne fi kkf jechuun akka adda baafatan taasisaa.
- **Gocha 3:** Haala hidha gocha 8 irratti mul'atuun daa'imman rakkoolee naannoo isaanitti argan akka ibsanii fi rakkoolee kana akkamitti hiikuun akka danda'ame irratti akka mari'atan taasisaa. Fkn. rakkoo maatii mana keessatti, rakkoo hawaasaa mana barumsaa keessattii fi kkf.. Daa'imman garee isaanii keessatti haala ho'adhaan hirmaachuun dandeettii isaanii akka gabbifatan gargaaraa.
- **Gocha 4:** Haaluma kitaaba yaalii irratti taa'een daa'imman tuuta gareelee garagaraa lama tokkoo tokkoo garee lakkaawanii baay'ina wal-malmadaalchisuun kamtuu caala, Wal-qixaa,irra xinnaa kan ta'an adda baasanii akka dubbatan gargaaraa.
- **Gocha 5:** Kitaaba shaakala daa'immanii irratti baay'ina fakkiilee hega lakkaawaniin booda fakkii lakkooofsa caalu irratti maruun akka agarsiisan gargaaaraa.
- **Gocha 6:** Haala gochaa lakkoofsa 12 keessa jiruun namni akkamitti miidhamuu ykn fayyadamuu akka danda'u gareen ta'uun akka mari'atanii fi hiriyoota isaanitiif dareetti akka dhiyeessan gargaaraa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Fakkiilee sasalphoo naannoo isaanitti argaman ilaaluun fkn minjaala, kursii, mana fi kkf fakkii isaanii kaasuun akka shakalan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Haaluma hidhaa tapha daree keessatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 5 keessatti mul'atuun taphoota daree keessatti taphataman daa'imman gareen ta'uun tapha 'ijaarsaa" kan jedhu taphachuun sochii nafa namaa saffisa qabu akka gonfatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Faaruu wantoota naannoo isaanitti argaman adda addaa waliin walitti dhufeenya qaban akka faarsan taasisaa.

# Torban 8ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Sochii nafa namaa jabinaa fi saffisa qabu ni agarsiisu. (Waytii 4)
- Marii keessatti hirmaannaa hoo'aa ni taasisu. (Waytii 3)
- Yaada daa'imman biroo sirritti ni dhaggeeffatu. (Waytii 2)
- Jechoota qabatamootti fayyadamuun meeshaalee wal-madaalchisuun adda ni baasu. Fkn irra guddaa,irra xinnaa,wal-qixa. (Waytii 4)
- Qoyyoboota ida'uu fi hir'isuu ni fayyadamu. (Waytii 1)
- Namni tokko akkamiin fayyadamuu ykn miidhamuu akk danda'u ni ibsu. (waytii 4)
- Amaloota wantoota naannoo isaanitti argamanii adda ni baafatu. (Waytii 4)
- Wantoota garagaraa naannoo isaanitti argamaan fakkii ni kaasu. (Waytii 1)
- Wantoota garagaraa lakkoofsatti fayyadamuudhaan ni fakkeessu. (waytii2)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii taasisuu, sheekkoo himuu, ibsa kennuu, gochaan agarsiisuu,gaaffii fi deebidhaan, faarudhaan, taphaa fi kkf.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

BarnootaaKaardii marii,sheekkoo,kitaaba sheekkoo fi taphoota adda addaa, uleewwan dheerina adda addaa qaban, kubbaa fi fakkiilee, meeshaalee muuziqaa adda addaa, waraabduu sagalee, siidiwwan sagalee fi taphoota adda addaa of irraa qaban, murtuu, waraqaa fakkii, qubeessaa halluu adda addaa qaban, halluu bishaanii, dibduu xixinnoo, meeshaa taphaa duraa- duubee, madaallii, shololoo, naannessituu, ujommmoo keessa hulluuqan, kortoo, gommaa adda addaa,saanduqa cirrachaa fi kkf

## Yeroo Marii

# Kaardiii Marii Ji'a 2ffaa

### Gaafilee Marii

1. Fakkiin baayina warra dhiiraa fi dubartoota daasii cidhaa keessatti argamanii meeqa?
2. Fakkicha irratti baay'ina dhiira kaan dubartootaa irraa yoo hir'fne meeqa ta'a?
3. Fakkii daasii cidhaa ilaaludhaan baay'ina warra dhiiraatii immoo kan dubartootatu caala?

## Yeroo Shaakala Gochaa

- Hidha sheekkoo keessatti sheekoo lakkoofsa 8 "Aadde Caaltuu fi olloota ishee" kan jedhu itti himuun dandeettiwwan hubannoon wal-qabatan gonfachuu isaanii mirkaneeffadha. Dhuma irrattis ergaa sheekkoo kana himuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 10 "tapha kaaree ykn Si'oloo" jedhu gareen akka taphatan taasisuun ciminaa fi saffisa qaammaa akka gonfatan taasisaa.
- Daa'imman gareeen ta'anii akka taa'ani gochuun kan lakkoofsan 1-20 ta'an wantoota adda addaa kenniifitii gareen keessaa tokko tokko hir'isuun akka taphatan achumaan tokko tokko dabaluunis akka taphatan taasisi.Fkn tapha akka qamalee, raacha fi kkf.
- Daa'imman tapha bilisaa filatan tokko dhuunfanis ta'ee gareedhaan akka taphatan taasisuun dandeettin waliigalaa akka gonfatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha shaakala gochaa keessatti haaluma gochaa lakkoofsa 13 irratti mul'atuun daa'imman gareen ta'uun geejjiba adda addaa hega hubachiiftee booda akkaataa tajaajila isaanitiin akka ramadan gargaaraa.Fkn kan lafa irraa,kan bishaan irraa,kan qilleensa keessaa,geejjiba aadaa fi ammayyaa jechuun akka ramadan deeggaraa.

- **Gocha 2:** Hidha shaakala gochaa keessaa haala gochaa lakkoofsa 8 irrratti ilaaltaniin daa'imman rakkoolee naannoo isaanitti argaman akka ibsanii fi rakkoowwan kana akkamittti furuun akka danda'amu akka mari'atan taasisaa. Fkn rakkoo walitti bu'iinsa maatii mana keessatti walitti bu'iinsa mana barumsaa keessattii fi kkf.Wayta mari'atan daa'imman garee isaanii keessatti haala hoo'aa fi tasgabbiidhaan dhaggeeffachuu akka gonfatan gargaaraa.
- **Gocha 3:** Barattoota (daa'imman) tartiiba lamaan teechisuun tartiibni lakkofsa baay'ee of keessaa qabu kam akka ta'e hubachiisuu.Amma immoo baay'ina lakkoofsa barattootaa wal-qixa gochuun tartiiba lamaan keessaa tokko addaan faffageessuun tokko immoo walitti dhiyeessuun hega teechiftee booda waan wal-caalu fakkeessitus ammas baay'inni barattota tartiiba lamaan keessatti argamanii wal-qixa ta'uu akka hubatan taasisuu.
- **Gocha 4:** Hidha shaakala gochaa keessaa haaluma gochaa lakkoofsa 14 irratti mul'atuun lakkoofsa iddoo adda addaa jiran walittifiduun fakkii hiika tokko qabu akka kaasan gargaaraa.
- **Gocha 5:** Hidha shaakala gochaa keessaa haaluma gochaa lakkoofsa 12 irratti mul'atuun daa'imman gareen ta'uun namni tokko namaa biraa irratti miidhaa yommuu geessise haalota gargaarsa taasifamuu qabanii irratti akka mari'atanii fi hiriyoota isaanitiif dhiyeessan gargaaraa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Wantoota naannoo isaanitti argaman keessaa kan tajaajila geejjibaatiif oolan filatanii fakkii isaanii kaasuu akka shaakalan deeggaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Taphoota daree keessatti taphataman keessaa haaluma hidha lakkoofsa 6 keessatti ibsameen daa'imman gareen ta'uun tuuta adda addaa wal-madaalchisuu akka taphatan taasisaa.Tapha kana keessatti irraguddaa,irraxinnaa,wal-qixa akka hubatan gargaaraa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha faaruu keessatti faaruu lakkoofsa 9 "tokko irratti tokko dabalee" faaruu jedhu yaa faarsan.

## Barnoota Ji'a 3ffaa



# Torban 9ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Sochii nafa namaaa saffisaa fi jabeenya qabu ni agarsiisu. (Waytii 2)
- Meeshaalee nafa namaa miidhamtoonni guyyaa guyyaan itti tajaajilaman adda addaa maqaan ni tarreessu. (Waytii 2)
- Yaada daa'imman biroo xiyyeeffannaan ni dhaggeeffatu. (Waytii 5)
- Qoyyoboota ida'uu fi hir'isuu ni fayyadamu. (Waytii 5)
- Namni akkamitti miidhamuu ykn fayyadamuu akka danda'u ni ibsu. (Waytii 2)
- Miseensota maatii isaanii ni tarreessu. (Waytii 2)
- Amaloota wantoota naannoo isaanitti argamanii adda ni baasu. (Waytii 4)
- Lakkoofsatti gargaaramuun fakkii wantoota adda addaa ni kaasu. (Waytii 3)

## Mala baruu fi barsiisuu

Marii taasisuu, sheekkoo himuu, ibsa kennuu, gochaan agarsiisuu,gaafii fi deebidhaan, faaruudhaan,taphaa fi kkf.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaaba sheekkoo fi taphoota adda addaa, ulee dheerina adda addaa qaba, kubbaa fi fakkiilee, meeshaalee muziiqaa adda addaa, waraabduu sagalee, siidiwwan sagalee fi taphoota adda addaa of irraa qaban, murtuu(maqasa), waraqaa fakkii, qubeessaa halluu adda addaa qaban, halluu bishaanii, dibduu xixinnoo, meeshaa taphaa duraa-duubee, madaallii, shololoo, naannessituu, ujommoo keessa hulluuqan, kortoo, gommaa adda addaa, saanduqa cirrachaa fi kkf .

## Yeroo Marii

## Kaardiii Marii Ji'a 3ffaa

### Gaafilee Marii

1. Fakkii irratti maal maaltu sitti mul'ata?
2. Miseensonni maatii tokko keessatti argaman eenyufaa akka ta'an daa'imman fakkii ilaaluun akka ibsan taasisaa. Itti aansuun namoota fakkii irratti mul'atan keessaa abbaa, haadha, ijoollee agarsiisuu akka danda'an taasisaa. Miseensonni maatii maal gochaa jiran? jedhaa gaafadhaa.
3. Fakkii irratti "Bineensonni sochii nafa namaaa taasisaa jiran ni mul'atuu?" jedhaa gaafadhaa. "Isaan Kam fa'a?", "Maal gochaa jiru?" jedhaa gaafadhaa.
4. "Fakkii irratti bineesota manaa ykn bosonaa kan ta'an kam fa'a?" jedhaa gaafadhaa. "Mee maqaa isaanii dhayaa." jedhaanii. "Lakkoofsaan (baay'inaan) hoo kamtuu caala?" jedhaa gaafadhaa.

## Yeroo Sheekkoo

Hidha sheekkoo, sheekkoo lakkoofsa 9 keessatti "Beeladootaa fi ilmoolee isaanii" kan jedhu erga itti himtanii booda gaafilee dandeettidhaan wal-qabatan gaafadhaa. Dhuma irrattis ergaa sheekkoo kanaa himuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Sochii nafa namaaa akka taasisan gochuu. Fkn Kan sammuu dammaqisu, gara bitaa fi mirgaatti akka socho'an taasisuu, gara mirgaa fi bitaatti tarkaanfachiisuu, dirree qaxxaamurchiisuu fi kkf.
- Taphoota dareen alatti taasifaman keessaa akkuma hidha lakkoofsa 11 keessatti mul'atutti tapha "kubbaa konkolaachisuu" jedhu akka taphatan taasisuun daa'imman jabina sochii nafa namaa akka gonfatan taasisuu.
- Taphoota dareen alaa keessaa akka hidha lakkoofsa 12 keessatti ibsametti "Kubbaa Arbaa" kan jedhu akka taphatan taasisuun daa'imman dandeettii nafa namaaa dagaagfachuu akka gonfatan taasisuu.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Daa'imman garee gareen ta'uun bineesota manaa adda addaa (fkn adurree, saree, hoolaa, sa'aa fi kkf.) haala amala bineensonni kun qabaniin akka tarreessan taasisaa. Fkn. amala yommuu jedhamu haala nyaata isaanii, bakka bultii, faayidaa namaaf qabanii fi kkf. bu'ureeffachuun akka ramadan gargaaraa.
- **Gocha 2:** Daa'imman gareen ta'uun bineensa manaa fedhan filatanii faayidaa inni namaaf qabu irratti akka mari'atan taasisaa. Waytii marii kana daa'imman garee ramadaman keessatti dandeettii haala hoo'aan hirmaachuu fi haala tasgabbii qabuun wal-dhaggeeffachuu akka gonfatan gargaaraa.
- **Gocha 3:** Jarmiyaalee naannoo isaanitti argaman keessaa fkn. faayidaalee afooshaa fi iqqubii maatii isaanii gaafachuun daree keessatti hiriyoota isaanitiif akka ibsan taasisaa.
- **Gocha 4:** Miidhama nafa namaa jechuun maal akka ta'e gaafadhaa. Miidhama nafa namaaa akkamitti akka beekuu danda'an gaafadhaa. Meeshaalee namoonni miidhama nafa namaa qaban itti tajaajilaman maqa akka ta'anii fi faayidaa isaanii akka ibsan deeggaraa. Fkn. kan qaroo dhabeeyyiin ittin tajaajilaman kan akka bireelii, hojjettuu herreegaa, istaayilasii, riqicha sholola achisuun gamoo seenuuf isaan gargaaru, kursii abbaa gommaa naannoftuu, ulee qaroo dhabeeyyitti daandii agarsiiftuu fi kkf.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha "Ogummaa gaarii" jedhu jalatti ogummaa gaarii lakkoofsa 5 keessatti fakkii beelladoota manaa adda addaa halluu akka diban taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Daa'imman teessumni isaanii gareen ta'ee wantoota lakkoofsa (baay'ina) 1-20 ta'an kennuufin digdama irraa tokko tokko hir'isaa deemuun fi tokko irratti tokko tokko dabalaa deemuun akka taphatan taasisaa.
- Taphoota daree keessatti taasifaman keessaa hidha lakkoofsa 7 keessatti daa'imman gareen ta'uun nafa namaa miidhamaa tokko akkamitti gargaaruun akka danda'amu bifa diraamaatiin hiriyoota isaanitiif daree keessatti akka dhiyeessan deeggaraa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa, faaruu lakkoofsa 10 keessatti faaruu "Maatii koo" jedhu faarsuun jaalala maatiif qaban akka ibsatan taasisaa.
- Hidha faaruu, faaruu lakkoofsa 11 keessatti faaruu "Simbirroo Bareedduu" jedhu hir'isuun wal-qabatan akka faarsan taasisaa.(Fkn. qaruura halluu magariisaa sagal keessaa tokko yoo hir'ate kan jedhu yaa faarsan).

# Torban 10ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Meeshaalee nafa namaa miidhamtoonni itti tajaajilaman adda addaa maqaa ni tarreessu. (Waytii 2)
- Iddoo tokko fudhachuun haala teessumaa fi kallattii isaa adda ni baafatu. (Waytii 2)
- Yaada namootaa/daa'imman biroo xiyyeeffannoon ni dhaggeeffatu. (Waytii 1)
- Gaafilee walitti dhufeenya qaban gaafachuu fi deebii kennuu ni danda'u. (Waytii 4)
- Qoyyoboota ni ida'u ; ni hir'isu (Waytii 2)
- Qabeewwan guutuu fi walakkaa agarsiisan qabatamaan adda ni baasu. (Waytii 3)
- Miseensota maatii ni tarreesssu. (Waytii 2)
- Fayyaa fi nageenya daa'imman isaanitiif maatiin wantoota gochuu qaban ni ibsu. (Waytii 2)
- Amaloota wantoota naannoo isaanitti argamanii adda ni baasu. (Waytii 4)
- Bocoota adda addaa seeran halluu ni dibu. (Waytii 3)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii taasisuu, sheekkoo himuu, ibsa kennuu, gochaan agarsiisuu, gaafii fi deebii taasisuu, faaruu faarfachiisuu, taphaa taphachiisuu fi kkf.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaaba sheekkoo fi taphoota adda addaa, ulee dheerina adda addaa qaba, kubbaa fi fakkiilee, meeshaalee muziiqaa adda addaa, waraabduu sagalee, siidiwwan sagalee fi taphoota adda addaa of irraa qaban, murtuu(maqasa), waraqaa fakkii, qubeessaa halluu adda addaa qaban, halluu bishaanii, dibduu xixinnoo, meeshaa taphaa duraa-duubee, madaallii, shololoo, naannessituu, ujommoo keessa hulluuqan, kortoo, gommaa adda addaa, saanduqa cirrachaa fi kkf.

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii Ji'a 3ffaa

## Gaaffilee Marii

1. Kaardii marii irratti, fakkii bineessota wal irra taa'an keessaa kam faatu arba irra taa'an? Sinbirroo gadii hoo?
2. Fakkii kaardii marii irratti bineessota hiriira galan keessaa harree duraa fi duubatti argaman Maal fa'i?
3. Fakkiilee sadan guboowwanii keessaa guboowwan guutuu fi walakkaa qaban kam fa'i?

## Yeroo Sheekkoo

- Meeshaalee namoota hanqina qaamaa qaban yeroo sochii taasisan guyyaa gara guyyaatti itti tajaajilaman daa'imman akka addaan baasanii beekan gochuuf, sheekkoo qopheessun itti himuu.
- Hidha sheekkoo, sheekkoo lakkoofsa 10, "Seenaa mana barumsaa Caalaa"jedhu itti himuun gaaffilee dandeettii isaanii waliin wal gitu gaafadhaa. Xumura irrattis gorsa dabarsuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alaa keessaa tapha lakkoofsa 13 "hogganaa kee hordofi'' jedhu taphachiisuun jechoota argamaa fi kallattii adda addaa akka hubatan gargaaraa (Fakkeenya  ol, gadi, gubbaarraa, jala , keessa,  ala, fuuldura,duuba fi kkf.)
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e  akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Daa'imman gareen ta'uun bineessota bosonaa adda addaa akka tarreessan gochuun (fakkeenyaaf leenca, waraabessa,qamaleefi kkf.) guddinaa fi xiqqeenya qaamaan akkasumas humna qabaachuu fi qabaachuu dhiisuutiin  akkuma amala isaaniitti akka ramadan taasisaa.
- **Gocha 2:** Daa'imman gareen ta'uudhaan miseensota maatii isaanii akka himan gaafachuufi daai'mman kuuwwan ammoo gaaffilee dhimmichaan wal qabatan akka gaafatan gochuun ogummaa gaaffilee gaafachuu fi deebii kennuu akka  dagaagfatan taasisaa.

  Fakkeenyaaf abbaan kee maal dalaga? Haatee hoo? Umriin abbaa keetii meeqa? Daai'mman  keessaa hangafti eenyu?  fi kkf. akka gaafatanii deebisan qajeelchaa.
- **Gocha 3:** Daai'mman marii keessatti dammaqinaan hirmaachisuun yaada namootaa haalaan  hordofuu jechuun maal jechuu akka ta'e gaafadha. Xumura irratti gorsa dabarsuu hin dagatinaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha ogummaa gaarii keessaa , ogummaa gaarii lakkoofsa 6 daa'imman waa'ee fakkii miseensota maatiin isaanii yoo waa hojjatan  argisiisu  kenniif.  Itti  aansuun miseensonni maatii maal akka dalagaa jiran fi fakkiiwan halluu akka diban taassisaa. Jiddumaan geengoo tokko guutuu qixxeetti qoodame itti kennuun, walakkaa isaa halluu akka diban gochuun  yaad-rime guutuufi walakkaa jedhu akka hubatan taasisaa.
- Fakkii miseensota maatii ta'e wayitiitti argisiisuun, fakkii  miseensota  maatii  isaanii akka kaasanii  halluu dibanii hiri'oota isaanitti  argisiisan taasisaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa, ogummaa gaarii lakkoofsa 7 fakkii bineesota adda addaa itti kennuudhaan halluuwwan adda addaa akka diban gochuun hiriyoota isaaniitti akka argisiisan gaafadhaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

Daai'mman garee gareen ta'uun maatii tokko fudhatanii akka abbaa, haadhaa fi ijoollee ta'uun gahee qaban bifa diraamaatiin akka argisiisan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 10 faaruu "maatii koo" jedhu faarsudhaan jaalala maatii akka hubatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 11 "Simbirroo Bareedduu" jedhu hir'isuu ilaalchisee akka faarsan taasisaa. (fakkeenya shimbirroo babbareedduu) jedhu.

# Torban 11ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Argamaafi kallattii iddoo tokkoo ni hubatu(wayitii 4)
- Gaaffilee firoomina qaban gaafachuufi deebisuu ni danda'u (wayitii 5
- Qabiyyeewan qabatamaan guutuufi walakaa ta'an addan ni baafatu( wayitii 5)
- Noottota qarshii Itiyoophiyaa fi saantima addan ni baafatu. (wayitii 3)
- Daa'imman gocha maatiin isaanii dhimma nageenyaafi fayyummaa isaanii eeguuf socha'an ni hubatu. (wayitii 4)
- Wantoota naannootti argaman amaloota isaanii addan nibaafatu( wayitii 1
- Faayidaa wantootni naannootti argaman adda ni baafatu (wayitiilee 3)
- Bocoota adda addaa sirnumaan halluu ni dibu(wayitiilee 2)
- Supheerraa bocoota adda adda ni hojjatu (wayitii 1)

### Mala Baruu-barsiisuu

Marii, sheekkoo himuu, shaakala dhuunfaa, gaaffifii deebii, faarufi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaabiilee taphaafi faaruu, ,waraqaa, kibriita, burtukaana, loomii, suphee, santima, nootii qarshii, meeshaalee muuziqaa adda addaa, sagalee waraabduu, siidiwwan, maqasii, waraqaa fakkii, qubeessa abbaa haalluu adda addaa, halluu bishaanii, buruushii xiqqaa, incululloo, madaala, shunquqistuu, naannoftuu ujummoo hulluuqqii, kortuu, gommaa hanga adda addaa, fi saanduqa cirrachaa kkf.

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii Torbee 3ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Beelladoonni kaardii fakkii irratti mul'atan faayidaa maal maal nuu kennu?
2. Fakkiileen bineessotaa kaardii marii irratti mul'atan kuuwwan maal maaliif nu fayyaduu?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo, sheekkoo lakkoofsa 11, wantoota lubbu-qabeeyyii fi lubbu-dhabeeyyii ilaalchisee sheekkoo itti himaa. Ittifufuun gaaffilee firoomina qaban gaafachuudhaan akka deebisan taasisaa. Xumura irrattis dhaamsa sheekkichaan walqabate irratti gorsa dabarsuu hin dagatiin.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

Meeshaalee sochoosudhaan kallattii fi iddoo itti argaman mul'isaa. Fakkeenyaaf, kubbaa saanduqa cinaa kaa'udhaan, mataa isaaniitii ol qabuudhaan, luka jidduutti qabuufi kkf.n kubbaan eessatti akka argamu gaafachuudhaan haala kallattii adda addaa fi argama isaanii akka addaan baafatan taasisaa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1**: Daa'imman gareetiin wantoota lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii akka tarreessan tasisaa. (Fkn bineessota, biqiloota, biyyee , dhagaa, bishaaniifi kkf.) Itti aansuun akkuma amala issanitti fakkeenya kanneen nyaataman ykn hin nyaatamne, ijaarsa manaatiif kan fayyadan fi hin fayyadine jedhanii akka ramadan gargaaraa.
- **Gocha 2:** Daa'immaniin Barsiisaa/ftuun ani ogeessa fayyaa osoon ta'ee gaaffilee maal maal na gaafattu? Gaaffilee heddu kanneen akka: Eessa hojjattu? Ogeessa fayyaa ta'uun maal fayyada? Akka hin dhukubsanne maal gochuu qabna? Gaaffilee akka gaafatan gochuun daai'mman ogummaa gaaffilee gaafachuufi deebisuu akka dagaagfatan taasisaa.
- **Gocha 3:** Daai'mmaniif waraqaa, ulee qallaa , burtukaana , loomii, bakka adda addaa wal qixatti hiranii hiriyoota isaanitti akkaka argisiisan gochuun yaad rimee guutuufi walakkaa akka hubatan taassisaa .
- **Gocha 4:** Hidha Shaakala gochaa dhuunfaa keessaa gocha lakkoofsa 15, bu'uura gochuun daa'imman saantimoota 5,10,25 fi 50 akkasumas nootiiwwan qarshii 5,10,50 fi 100 dhiheessuudhaan akka daawwatan taasisaa. Itti aansuunis koppii saantimootaafi nootii qarshii gareetiin ta'anii xiqqaa irraa gara guddaatti akka tartibeessan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha ogummaa gaarii keessaa, ogummaa garii lakkoofsa 8 daa'immanitti fakkii biqiloota kennudhaan halluu adda adda akka dibanii hir'yootatti argisiisan taasisaa.
- Waraqaa adii irratti nootii qarshiifi saantima irra kaa'udhaan fakkii kaasanii halluu akka diban taasisaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 9 daa'imman suphee irraa ykn pilaasika irraa boca beelladootaa akka qopheessan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessaa, tapha lakkoofsa 8 daa'imman gareedhaan miseensota maatii tokko fudhachuudhaan fakkeessanii gahee akka taphatan taasisaa.
- Hidha **taphoota daree keessaa** tapha lakkoofsa 9 bittaafi gurgurtaa akka shaakalan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Walitti dhufeenya maatiifi daa’imman jidduu jiru gargaaruuf , faaruu naannootti argaman qopheessuun akka faarfatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 12 “Chee/Toph! Fardaa” faaruu jedhu faarsisiisudhaan faayidaa bineessotaa akka hubatan taasisaa.

# Torban 12ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa’imman barnoota kana booda::**

- Argamaafi kallattii iddoo tokkoo addaan ni baafatu.(wayitii 1)
- Qindoomina sochii nafa namaaa bitaa fi mirgaa cimsuuf kutaalee nafa namaaa lamatti nifayyadaman.(wayitii 1)
- Waan tokko hubatanii nihubachiisu. (wayitii 5)
- Amaloota meeshaalee sakatta’uudhaan addaan nibaafatu.( wayitii 5)
- Daa’imman waa’ee gocha maatiin isaanii nageenyaafi fayyaa isanii eeguuf raawwatan niibsu. (wayitii 5)
- Daa’imman ogummaa balaafi dhibee irraa ofeeguu nidagaagfatu.(wayitii 2)
- Faayidaa wantootni naannoo isanitti argaman nihubatu. (wayitii 3)
- Bocoota adda addaa supheerraa nihojjatu. (wayitii 3)

## Mala Baruu- barsiisuu

Marii, sheekkoo himuu, shaakala dhuunfaa gaaffifii deebii, faarufi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaabiilee taphaafi faaruu, waraqaafi kibriita fi burtukaanota loomii, suphee, santima nootii qarshii, meeshaalee muuziwaa adda addaa sagalee waraabduu, siidiwwan meeshsslee taphsiisotaa, maqasa, waraqaa fakkii, qubeessaa abbaa haalluu adda addaa, halluu bishaanii, buruushii xiqqaa, incululloo, madaala, shunquqistuu, naannoftuu ujummoo hulluuqqii, kortuu, gommaa hanga adda addaa, fi saanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii -Ji'a 3ffaa

### Gaaffilee Marii

- Kaardii Marii irratti fakkiin bineesotaa harka lamatti fayyadamuun waa hojjatan kam fa'i? Isin hoo harka lamatti fayyadamtanii maal maal raawwattu?
- Fakkii Kaardii Marii irratti bineesotni maal maal gochaa jiru? Waan hubatte kan hubachiisuu danda'u eenyu?
- Bineensota fakkii Kaardii Marii irratti mul'atan keessaa kanneen balaa qaqqabsiisan kam fa'i? Akkamitti balaa kana irraa of eegdu?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 12 "jarmiif bakki dhokannaa hin jiru", sheekkoo jedhu itti himuun ogummaa dhibee irraa akka ofittisan taasisaa.
- Gochaalee maatiin nageenyaa fi fayyummaa daa'immaniif gochuu qaban ilaalchisee sheekkoo itti himuun akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Utaalcha haadaa dhuunfaa fi gareen akka taphatan gochuun kutaalee nafa namaaa bitaafi mirgaan jiran qindoomiannan akka itti fayyadaman gargaaraa.
- Hidha taphoota dareen alaa keessaa tapha lakkoofsa 14 tapha "Kallattiiwwan " jedhu taphachiisuun argamaa fi kallattii adda addaa akka hubatan gagaaraa.(Fakkeenya ol, gadi, gubbaarraa, jala , keessa ala, fuuldura,duuba fi kkf,)
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Daa'imman ta'eewwan isaan qunname hiriyootaafi ga'eesotatti akka himuu danda'n shaakalsiisaa. (fakkeenya daa'imman gara mana barnootaa yeroo deeman wanta karaarratti isaan qunnamee kkf. )

- **Gocha 2:** Baacoowwan, hiibbowwan fi kkf. himuun waan dhaggeeffatan deebisanii akka himan taasisaa.
- **Gocha 3:** Daai’imman garee gareen ta’anii beeladoota (fakkeeya Hoolota, ra’oota, adurree, saree, sa’a, qotiyyoo, farada, gaangeefi kkf.) akka tarreessan gochuun faayidaalee isaan kennan akka himan taasisaa.(Fakkeenya hoolaan nyaataaf, fardi geejjibaaf qotiyyoon qonnaaf fi nyaataaf akka ramadan gargaaraa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha ogummaa gaarii keessaa, ogummaa gaarii lakkoofsa 9 bu’uura gochuun daa’imman biyyee suphee ykn pilaastika irraa boca beeladootaa akka hojjatan jajjabeessaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa, ogummaa gaarii lakkoofsa 9 bu’uura gochuun daa’imman biyyee supheetti fayyadamanii boca barsiistuun/barsiisaan ajajju/ajaju akka hojjatan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Daai’mman muraasa gara daree fuulduratti baasuun dooqa halluufi boca adda addaa qaban kirrii itti galchuu dorgomsiisaa. Dooqota lama duursee kan itti galche ni moo’ata. Tapha kana daa’imman hundinuu akka taphatan carraa kennaafi.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 13 faaruu “Beenu ni duullaa” jedhu faarsisiisun kallatiiwwan akka hubatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 14 “qulqullinna keenya haa eeggannu” jedhu faarsisiisun ogummaa dhibee irraa itti of ittisan akka gonfatan taasisaa.

## Barnootaa Ji'a 4ffaa



# Torban 13ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Qindoomina Kutaalee nafa namaaa bitaa fi mirgaa cimsuuf kutaalee nafa namaaa lamatti nifayyadamu. (wayitii 2)
- Sochii nafa namaaa bitaa gara mirgaa ykn mirgaa gara bitaa gochuun kallattii addaan ni baafatu. (wayitii 2)
- Wanta tokko hubatanii nihubachiisu. (wayitii 4)
- .Akaakuu qubeewwaniifi gosa isaanii addan ni baafatu. (wayitii 1)
- Meeshaalee amaloota tokkoo ol qaban akkuma amala isaaniitti addaan baasanii ni ramadu. (wayitii 5)
- Ogummaa balaafi dhibee irraa of eeganiin nigonfatu. (wayitii 4)
- Faayidaalee wantootni naannootti argaman nuuf kennan nihubatu. (wayitii 2)
- Supheerraa wantoota adda addaa ni hojjatu. (wayitii 2)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii, sheekkoo himuu, shaakala dhuunfaa, gaaffifii deebii, faarufi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaabiilee taphaafi faaruu, ,waraqaafi kibriita fi burtukaanota, loomii, suphee, santima, nootii qarshii, meeshaalee muuziwaa adda addaa , sagalee waraabduu , siidiwwan, maqxoo (maqasa), waraqaa fakkii, qubeessaa abbaa haalluu adda addaa, halluu bishaanii buruushii xiqaa, incululloo, madaala, shunquqistuu, naannoftuu ujummoo hulluuqqii, kortuu, gommaa hanga adda addaa, fi saanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii Jii'a 4ffaa

## Gaaffilee Marii

- Kaardii Marii irratti maal faatuu isinitti mul'ata? Qubeewwan kaardii Marii irratti mul'atan eenyutu nuuf dubbisa?
- Kaardii Marii irraatti daa'imman kubbaa miilaa taphachaa jiran isinitti mul'atuu? Eenyutuu nutti mul'isa? Isin hoo kubbaa taphachuu jaalattuu? Yeroo taphattan of eegganoo akkamii gootu?
- Kaardii Marii kana irra wantoota jiran sirriitti ilaaludhaan, wantoota bocaan, halluun addaan baasee kan ramadu isin keessaa eenyu? Wantoota kaardii marii irratti mul'atan keessaa faaydaa isaan nuuf kennan maal fa'i? Kaardii marii irraati daai'mman maal raawachaa jiru?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 13 ''Waa'ee tapha Leensaa ''yaa taphannu jedhu itti himuun gaaffilee adda addaa akka gaafatan taasisaa. Xumura irrattis gorsa dhaamsa sheekkoo himuu hin dagatina.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphaa dareen alaa keessaa tapha lakkoofsa 15 rakkoo “madaala eeganii taphachuu” jedhu taphachiisuudhaan qindoomina kutaalee nafa namaaa akka dagaagfatan taasisaa.
- Hidha taphaa dareen alaa keessaa taphaa lakkoofsa 7 ‘’magariisa magariisa” jedhu taphachiisuun waan tokko hubatanii akka raawwatan taasisaa.
- Hidha tapha dareen alaa keessaa taphaa lakkoofsa 16 “Guuboowwan Qindaa’an” jedhu taphachiisuun meeshaalee amala tokkoo ol qaban daawwachuudhaan akka ramaduu danda’an shaakalsiisaa. Meeshaalee amala tokkoo ol qaba akkuma amala isaaniitiin akka ramadan taasisaa.
- Daa’imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta’e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha Shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 16, bu’uura gochuun daa’imman wantootaa hamma adda addaa qaban itti kennaatii hanga isaanitiin akka tartiibeessan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha Shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 17, bu’uura gochuun wantoota bocaa fi halluu adda addaa qaban ijoolleetti kennuudhan akka ramadan gargaaraa.
- **Gocha 3:** Hidha Shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 18, bu’uura gochuun fakkii wantoota naannoo isaanitti argaman daa’immaniif dhiheessuun maqaa fi faaydaalee isaan qaban akka ibsan jajjabeessaa.( bilbila, kubbaayyaa, siree, adurree)
- **Gocha 4:** Daa’imman harka lachaniinuu boronqii qabatanii gabatee boronqii irratti tuqaa tokko irraa kaa’uun geengoo guddaa akka kaasan gochuun qindoomina kutaalee nafa namaaa akka dagaagfatan gargaaraa.
- **Gocha 5:** Hidha shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 19, bu’uura gochuun qubee torbee gosoota isaanii akka addaan baafatan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha ogummaa gaarii keessaa, ogummaa gaarii lakkoofsa 10 bu’ura gochuun daa’imman tuqaalee akka wal qabsiisan gochuun akaakuu qubeewwanii akka addaan baafatan qajeelchaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa, ogummaa gaarii lakkoofsa 11 bu’uura gochuun bocoota adda addaa suphee/dhoqqee irraa akka qopheessan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 10 ‘’Ittoo qubeewwanii’’ tapha jedhu taphachiisuun daa’imman akaakuu qubeewwanii fi gosoota isaanii akka addaan baafatan taasisaa.
- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 11‘’ sarara lakkoofsaafi meeshaa’’ tapha jedhu taphachiisuun meeshaalee gosa isaanitiin akka ramadan taasisaa.
- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 12 tapha “qubee utaaluu” jedhu daa’imman taphachsiisudhaan qubeewanii fi tokkoo tokkoo qubeewwanii sagaleen waamudhaan akka taphatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 15 “xuuxillaa Bashaadduu” faaruu faarsisiisudhaan ogummaa dhibee qabaachuun dhibee ofirraa akka ittisan gargaaraa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 16 “qubee barachuu nan jaaladha” faaruu jedhu faarfachiisudhaan qubeewwan akka addaan baafatan gargaaraa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 17 “Re’ee xiqqoo” faaruu jedhu faarsisiisudhaan hanga akka hubatan taasisaa.

# Torban 14ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Nafa namaaa bitaa gara mirgaa yookin mirgaa gara bitaa sochoosuudhaan kallattii ni hubatu. (waytii 3)
- Kutaalee qaamaa bitaa mirga jijjiiruudhaan nisosochuu. (waytii 1)
- Akaakuu qubeewwanii addaan nibaafatu. (waytii 5)
- Firoominni wantootaafi tartiiba wantootaa ni ibsu. (waytii 5)
- Ogummaa balaafi dhibee ittiin of irraa ittisan ni dagaagfatu. (waytii 4)
- Faayidaa wantootni naannoo qaban ni ibsu (waytii 3)
- Wantoota naannoo jiran irrtti yaalii nigaggeessu(waytii3)
- Bocoota adda addaa suphee irraa ni hojjatu (waytii3)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii, sheekkoo himuu, shaakala dhuunfaa gaaffifii deebii , faarufi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaabiilee taphaafi faaruu, , waraqaafi kibriita fi burtukaana, loomii, suphee, saantima, nootii qarshii, meeshaalee muuziqaa adda addaa, sagalee waraabduu , siidiwwan, maqasa, waraqaa fakkii, qubeessaa abbaa haalluu adda addaa, halluu bishaanii, buruushii xiqaa, inculullooo, madaala, shunquqistuu, naannoftuu ujummoo hulluuqqii, kortuu, gommaa hanga adda addaa, fi saanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii Jii'a 4ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Wantoota kaardii Marii irratti daawwattan ilaalchisee maal faatu isinitti mul'ata?
2. Kaardicha irratti bitaa gara mirgaa ykn mirgaa gara bitaa gidduu dirree mana barnootaa keessatti , fakkiin daa'imman taphachaa jiraachuu argisiisuu kam?
3. Kaardicha irratti qubeewwan mul'atan kama fa'i?
4. Kaardicha irratti meeshaaleen amaloota adda addaaa tokkoo ol qaban attamiin addan baafna?
5. Fakkiiwwan kaardicha irratti mul'atan keessaa faayidaa kan qaban kam fa'i? Fayidaa maal maal fa'i kennan?
6. Wantoota kaardii marii irratti mul'atan keessaa suphee irraa kan hojjatamuu danda'an kam fa'i?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 14 "gorsa ogeessa fayyaa"jedhu sheekkoo itti himuun ogummaa balaa irraa of eeguu akka gonfatan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphaa daree alaa keessaa tapha lakkoofsa 1 "moggaasa qaama fuula keenya" tapha jedhu taphachiisudhaan kutaalee nafa namaaa akka addaan baafatan taasisaa.
- Hidha taphaa dareen alaa keessaa taphaa lakkoofsa 17 tapha "Halluu" jedhu taphachiisuun kutaalee qaamaa bitaa gara mirgaa akka sosochoosan taasisaa.
- Tapha haadaa utaaluu jedhu taphachiisuun qindoomina kutaalee nafa namaaa adda addaa akka gonfatan taasisaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 20, bu'uura gochuun hariiroo wantoota jidduu jirufi wantoota tartibeessuu akka hubatan qajeelchaa.
- **Gocha 2:** Hidha shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 19, bu'uura gochuun qubeewwan torbee akka addaan baafatan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha ogummaa gaarii keessaa, ogummaa gaarii lakkoofsa 11 bu'uura gochuun daa'imman biyyee suphee irraa meeshaalee manaa irra deddeebi'uun akka hojjatan gochuufi faayidaa isaanitis akka himan taasisaa. Akkasumas bocoota adda addaa suphee irraa akka qopheessan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 13 'doominoo lakkoofsotaa walitti firoomsuu" tapha jedhu taphachiisuun firoomina wantoota jidduu jiru akka hubatan taasisaa.
- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 14 bocootaa fi halluuwwan akka walitti firoomsan taasisaa.
- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 12 qubeewwan torbeetti fayyadamuun tapha "qubee utaaluu'' jedhu taphachiisuun ijoolleen qubeewwaniifi sagalee tokkoo tokkoo qubeewwanii akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaaa faaruu lakkoofsa 17 "Re'ee xiqqoo" faaruu jedhu faarsisiisudhaan ogummaa dhibee ofirraa dhoorkuu akka dagaagfatan taasisaa.

# Torban 15ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Kutaalee  nafa namaaa bitaa gara mirgaa naannessuudhaan ni socha'u(wayitii 4)
- Akaakuu qubeewwanii addaan nibaafatu (wayitii 5)
- Hariiroo fi tartiibaalee wantootaa addaan ni baafatu(wayitii 5)
- Tuuta adda addaa ni ijaaru(wayitii 2)
- Ogummaa dhibee fi balaa ofirraa dhoorkuu ni dagaagsan(wayitii 4)
- wantoota naannootti argaman irratti yaalii ni gaggeessu (wayitii 4)
- Bocoota adda addaa supheerraa ni hojjatu(wayitii 4)
- Waraqaa Cicciruudhaan bocoota adda addaa nidalagu (wayitii 4)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii, sheekkoo himuu, shaakala dhuunfaa gaaffifii deebii, faarufi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaabiilee taphaafi faaruu, ,waraqaafi kibriita fi burtukaana loomii, suphee, santima, nootii qarshii, meeshaalee muuziwaa adda addaa, sagalee waraabduu, siidiwwan, maqasa, waraqaa fakkii, qubeessaa abbaa haalluu adda addaa, halluu bishaanii, buruushii xiqaa, incululloo, madaala, shunquqistuu, naannoftuu ujummoo hulluuqqii, kortuu, gommaa hanga adda addaa, saanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii Jii’a 4ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Kaardii mariiirratti fakkiin daai’mman nafa namaa isaanii bitaa gara mirgaa sochoosun taphatan kan mul’isu kam fa’i?
2. Kaardichairratti wantootni hangaan, bocaan, fi halluun wal fakkaatan maal fa’i? Wantoota akaakudhaan ramaduu kan danda’u eenyu?
3. Fakkiiwwan kaardichairratti mul’atan keessaa supheerraa kan hojjatamuu kan danda’an kam fa’i?
4. Fakkiiwwan kaardichairratti mul’atan keessaa wantootni waraqaa cicciruudhan boca isaanii qopheessuun danda’mu kam fa’i?
5. Qubeewwan kaardicha irratti mul’atan eenyutu dubbisa?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 15 “re’oota beela’an sadeen” jedhu itti himuun naannoo isaanii akka hubatanfi wantoota haaraa akka addaan baafatanii yaalii irratti akka gaggeessan gargaaraa.
- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 16 ”Daraaraa Aliin jaalatu” sheekko jedhu daai’mmanitti himuudhaan wantoota naannoo isaanittii argamu hubatanii yaalii irratti akka gaggeessan taasisaa.
- Wantoota naannoo isaanitti argamanitti fayyadamuun hojii uumuu/kalaquu/ dalagsiisuu fi bu’a qabeessummaa ilaalchisee sheekkoo qopheessun himuun gaaffilee kanaan wal qabatu dhiheessuun yaad-rimee kalaqqii akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Kubbaa lafarra konkolaachisuun, kutaa nafa namaaa miilaafi harka wal jijjiirudhaan fayyadamuu akka shaakalan gargaaraa.
- Hidha taphaa dareen alaa keessaa taphaa lakkoofsa 18 tapha “Utaalloo/Qufaa” jedhu taphachiisuun ogummaa dhibee of irraa ittisuu akka dagaagfatan deeggaraa.
- Daa’imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta’e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha Shaakala gochaa keessaaa gocha lakkoofsa 21 bu’uura gochuun wantoota lakkaawaman fi haada meeshaalee keessa loosuun walitti akka qabsiisan taasisa. Yaa- rime tuutaa akka hubatan taasisaa.
- **Gocha 2:** Ogummaa balaa fi dhibee of irraa ittisan akka dagaagfatan maatii isaanii gaafatanii akka dhiheessan taasisaa.
- **Gocha 3:** Hidha Shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 22 bu’uura gochuun balaamballeettii, waraqaa irraa modeela doonii hojjachuun shaakalsiisuun yaalii adda addaa akka gaggeessan taasisaa.
- **Gocha 4:** Hidha shaakala gochaa keessaa gocha lakkoofsa 19 bu’uura gochuun akaakuu qubeewwan torbee akka addaan baafatan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 12 bu’uura gochuun daa’imman waraqaa abbaa halluu qoqqooduun maqasaan mummuranii waraqaa biraa irratti akka maxxasan taasisaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 13 bu’uura gochuun dhoqqee irraa qubeewwan akka qopheessan taasisaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 14 bu’uura gochuun bocaawwan adda addaa kaartoonii irraa hojjachuun, sarara hordofuun muranii akka wal-qabsiisan taasisaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 15 bu’uura gochuun taangiraamitti fayyadamanii bocoota adda addaa meeshaalee manaa akka hojjatan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Dandeettii balaafi dhibee ofirra ittisan (fakkeenya uffata haala qilleessaa waliin deemu uffachuu, toftaalee dhibeefi balaa) irraa ittisanii bifa diraamaatiin akka hubatan taasisaa.
- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 15 ’qubeewwan adamsuu” tapha jedhu taphachiisudhaan qubeewwan akka addaan baasan taasisaa.
- Hidha taphaa daree keessaa taphaa lakkoofsa 14 bocootaa fi haalluwwan walitti firoomsuu taphachiisuun hariiroo wantootaa akka addaan baafatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 18 “ wallaalummaan haa badu” jedhu qubeewwan faaruudhaan addaan akka baafatan taasisaa.

# Torban 16ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa’imman barnoota kana booda::**

- Kutaalee qaamotaa bitaafi mirgaa wal jijjiirudhaan ni socha’u.(wayitii2 )
- Qindoomina maashaalee kutaa nafa namaaa ni cimsatu.(wayitii2 )
- Akaakuwwan qubee addaan ni baafatu (wayitii5 )
- Tuutota ijaaruu ni danda’u (wayitii2 )
- Hidha muuziqaa keessaa, faaruu lakkoofsa 10 “faaruu maatii” faarsudhaan jaalala maatii akka hubatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa, faaruu lakkoofsa 11 “ida’uufi hiri’suu” ilaalchisee akka faarsan taasisaa.(fakkeenya qaruuraa magariisafi kkf,salgan dhaaba manaa fi kkf
- Tuuta waldorgomsiisuu ni danda’u (wayitii 3)
- Ogummaa balaa fi dhukkuba irraa ofeeguu ni gabbifatu.(wayitii 4)
- Wantoota nannoo isaaniitti argaman irratti yaalii ni taasisu (wayitii 4)
- Waraqaa murmuruun bocawwan adda addaa ni hojjatu (wayitii 3)

## Mala Baruu-barsiisuu:

Marii, oduu durii itti himuu, ibsuufii, gochaan barsiisuu, gaaffii fi deebii, farfannaa

**Yeroo Marii**,tapha.

## Meeshaalee Deggarsa Barnootaa:

Kaardii marii, kitaabolee oduu durii, taphaa fi faarfannaa, kortoo, kubbaa , haada , meeshaalee lakkaa’aman, qubeewwan bocaman , dhoqqee bukaa’e , pilaastikii, waraqaa, maqasa, meeshaalee muuziqaa adda addaa , meeshaalee waraabbii sagalee, siidiiwwan, meeshaalee sagalee waraabame taphatan, taangiraamii , inculullo , madaala sigiggoo, marmaartuu hujummoo keessa hulluuqan, kartoo goommaawwan hanga adda addaa qaban, saanduqa cirrachaa fi filaash kaardii .

## Yeroo Marii

## Kardii Marii- ji’a 4ffaa

### Gaaffilee marii

1. Fakkicha irratti maal fa’atu isinitti mul’ata? Fakkicha irratti gateettii isaanii bitaa fi mirgaa sochoosuun daa’imman taphatan kan agarsiisu isa kami ?
2. Fakkicha irratti wantoonni tuuta’anii argaman maal maal fa’i?
3. Wantoota fakkicha irratti argaman keessaa waraqaa mummuruun kanneen hojjataman isaan kami ?
4. Fakkicha irratti dubartiin hacooftuu fi guuboo gataa qabattee jirtuu maal gochaa jirti?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa lakkoofsa 17 “Bu’uurota Qubeewwanii “kan jedhu itti himaatii gaaffilee ga’umsaan walqabatan gaafadhaa. Dhumarrattis gorsa jiru dabarsuufii hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Dorgommii kortoo yaabuu fi bu’uu akka taphatamu gochuun qunnamtii fi si’aayina gateettii bitaa fi mirgaa akka gabbifatan gargaaraa.

- Hidha tapha dareen alatti taphataman keessaaa dorgommii tapha lakkoofsa 19 harka waljiijjiiruun kubbaa waliitti kennuu akka taphatan gochuun qunnamtii fi si’aayina gateettii bitaa fi mirgaa isaanii akka gabbifatan gargaaraa.
- Daa’imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta’e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gochaa keessaaa gocha lakkoofsa 23 irratti hundaa’uun biyyee fi cirracha irraa xuubii manaa tolchuu, baala cuunfuun halluu hojjachuu shaakalsiisuun yaaliiwwan adda addaa akka taasisan gargaaraa.
- **Gocha 2:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 21 irratti hundaa’uun meeshaalee haadawwan lakkaa’aman kennuufiin meeshaalee haadawwan keessatti akka walitti qaban gochuun yaadrimee tuutaa akka hubatan taasisaa .
- **Gocha 3:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 24 irratti hundaa’uun daa’immaniif meeshaalee adda addaa kennuufiin irra xiqqaa, irra guddaa, walqixa ta’a jechuun akka waldorgomsiisa taasisaa .
- **Gocha 4:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 19 irratti hundaa’uun qubeewwan Torbanii (A, B, C, D, E, F, G, H, I, J, K, L, fi M) addaan akka baasan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha Ogummaa gaarii keessaa lakkoofsa 15 irratti hundaa’uun taangiraamiitti fayyadamuun bocawwan adda addaa akka hojjatan gochuun meeshaalee manaa akka hojjatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Taphoota Daree Keessaa tapha lakkoofsa 15 qubeewwan adamsuu jedhu taphachiisuun gosootaa fi sanyiiwwan qubeewwanii addaan akka baasan taasisaa .

## Yeroo Muuziqaa

Hidha Muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 19 faaruu“ Saayinsii saayinsii” jedhu faarfachiisuun ofii isaanii dhukkubaa fi balaa irraa of eeguu akka hubatan gargaaraa.

## Barnoota Ji'a 5ffaa



# Torban 17ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Qindoominaan socho'uun gateettii kutaan nafa namaa isa olaanu akka jabeessu ni hubatu. (wayitii 4)
- Akaakuu qubeewwanii adda ni baasu. (Wayitii 1)
- Jechoota sasalphoo (kanneen qubeewwan lamaa fi sadi qaban) fi himoota (Jechoota lamaa fi sadi qaban) ni dubbisu. (wayitii 3)
- Tuutota waldorgomsiisuu ni danda'u .(wayitii 1)
- Garaagarummaa iddoo fi hanga gidduu jiru ni ibsu (wayitii 4)
- Miira dhukkubaa yookiin madaa ni dubbatu (wayitii 4)
- Wantoota naannoo isaaniitti argaman irratti yaalii ni taasisu (waayitii 3)
- Naannoo jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu (wayitii 1)
- Waraqaa murmuruun bocawwan adda addaa ni hojjatu (wayitii 4)

## Mala Baruu- barsiisuu

Marii ,Oduu durii himuu, ibsuufii , hojii gochaa ,gaaffii fi deebii ,faarfannaa, tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii , kitaabolee Oduu durii, taphaa fi faarfannaa ,kubbaa, huccuu ciccitaa ,qorqoorroo yookiin kubbaayyaa pilaastikii hanga adda addaa qaban, cirrachaa yookiin, midhaan dheedhii, gabatee qubeewwanii biyyee, meeshaalee hanga adda addaa qaban, kilaaseerii, haphee, taphoota adda addaa (puzzles), meeshaalee muuziqaa adda addaa, meeshaalee sagalee ittiin waraaban, siidiiwwanii fi kanneen sagalee waraabaman ittiin taphachiisan ,taangiraamii,incululloo, madaala,sigiggoo, marmaartuu, ujummoowwan keessa hulluuqan, kortoo, goommaa hanga adda addaa qaban, saanduqa cirrachaa

## Yeroo Marii

## Kardii Marii - ji'a 5ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Fakkicha irratti wantoota maal maal fa'atu isinitti argama?
2. Fakkicha irratti gocha sochii gateettiif fayyadu namoota taasisan kan agarsiisu jiraa?maal gochaa jiru?
3. Fakkicha irratti tuuta barattootaa manneen barrnootaa keessa taphachaa jiranii fi kanneen hiriiranii sirna alaabaa kabajan keessa isa kamtu caala?
4. Barattuun fakkicha irratti muldhattu maaliif buufata fayyaa deemte ?maal gochaa jirti ?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa lakkoofsa 18 “meeshaalee taphaa waraqaa irraa hojjachuu “jedhu dubbisaafii itti aansuunis waraqaa murmuruun bocawwan adda addaa attamitti akka hojjataman akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 20 tapha "eegee buqqisuu" taphachiisuun kutaaleen nafa daa'immanii akka jabaatu gargaara.
- "Tapha Bilisaa" daa'imman taphoota filatan dhuunfaanis ta'e gareen akka taphatan gochuun guddinni walii gala daa'immanii akka gabbatu gargaara.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 16 irratti hundaa'uun meeshaalee adda addaa hammaan ,dheerinaan,halluun walitti qabuun addaan basuun akka taphatan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 25 irratti hundaa'uun biyyee,bishaanii fi ifa aduu fayyadamuun pilaastikii keessatti biqiltuu biqilchuu akka danda'an gargaaraa.
- **Gocha 3:** wantoota uumamaa naannoo isaanii fi bakka birootti argaman ilaalchisee walfakkeenyaa fi garaagarummaa isaan gidduu jiru akka beekan taasisaa. Fakkeenyaaf, naannoon keessaa fi alaa maal akka ta'e hubachuu akka danda'aniif mooraa mana barnootaa idileen duraa agarsiisuu mooraan alaa immoo iddoowwan adda addaatti geessuun daawwannaa dirree gochuun bakka adda addaa akka ilaalan taasisaa.
- **Gocha 4:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 26 irratti hundaa'uun meeshaalee hamma adda addaa qaban kennuufiin meeshaa isaa guddaa fi xiqqaa keessaa isa kamtu bakka bal'aa akka qabaatu akka ibsan taasisaa
- **Gocha 5:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 19 irratti hundaa'uun qubeewwan turban keessatti baratan addaan akka baasaan taasisaa .
- **Gocha 6:** Hidha gochaa keessaa lakkoofsa 27 irra haala jiruun qubeewwan walbaran (A, B, C, D, E, F, G, H, I, J, K, L fi M) fayyadamuun jechoota akka uuman gochuunii fi jechoota uuman jechaan akka addaan baasanii fi dubbisan taasisaa.
- **Gocha 7:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 28 irra haala jiruun qubeewwan walbaranitti fayyadamuun jechoota ijaaranitti fayyadamuun himoota sasalphoo jechoota lamaa fi sadi qaban akka ijaaranii fi himoota ijaaran akka dubbisan taasisaa

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha Ogummaa gaarii keessaa lakkoofsa 16 irra haala jiruun kilaaseerii furdaa, waraqaa fi haphee fayyadamuun waraqaa mummuramaa kilaaseerii irratti maxxansuun bocawwan baasuu fi maxxansuu akka shaakalan taasisaa
- Taangiraamii fayyadamuun bocawwan adda addaa akka hojjatan gochuun meeshaalee manaa akka hojjatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 16 paziloota adda addaa walitti galchuun ``tapha boca bakka sirriitti galchuu``taphachiisuun garaagarummaa iddoo fi hamma gidduu jiru akka shaakalan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Faaruu barnoota torbanichaa waliin walqabatu qopheessuun faarfachiisaa-

# Torban 18ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Sochii qindaawaan gateettiin kutaan nafa namaa olaanaa akka jabeessu ni hubatu. (wayitii 1)
- Harka dachaasuu fi diriirsuun jabina harkaa ni mirkaneeffatu (wayitii 3)
- Jechoota sasalphoo fi ( kanneen qubeewwan lamaa fi sadi qaban ) himoota sasalphoo jechoota lamaa fi sadi qaban ) ni dubbisu (wayitii 4)
- Garaagarummaa iddoo fi hanga gidduu jiru ni ibsu (wayitii 5)
- Miirawwan dhukkubaa yookiin madaa ni dubbatu (wayitii 4)
- Naannoo jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu (wayitii a4)
- Waraqaa cicciruun bocawwan adda addaa ni hojjatu ( wayitii 4)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii ,oduu durii himuu ,ibsuufii ,hojii gochaa, gaaffii fi deebii ,faarfannaa, tapha .

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii , kitaabolee oduu durii , taphaa fi faarfannaa, pilaastikii bishaan itti qabatan, gabatee qubeewwanii, qorqorroo hanga adda addaa qaban yookiin kubbaayyaa pilaastikii , uleewwan hanga adda addaa qaban , dhoqqee bukaa’aa ,maqasa, meeshaalee muuziqaa adda addaa, meeshaalee sagaleen itti waraabamu, meeshaalee siidii sagaleewwan itti waraabaman taphachiisan, taangiraamii, marmaartuu, madaala, sigiggoo, inculullloo, ujummoowwaan keessa hulluqan, kortoo, goommaa hanga adda addaa qaban, saanduqa cirrachaa ,

## Yeroo Marii

# Kardii Marii - ji’a 5ffaa

## Gaaffilee Marii

1. Fakkicha irratti harka dachaasuu fi diriirsuun jabeessuuf gochawwan raawwatamaa jiran isaan kami?
2. Fakkicha keessa wantoota maqaan isaanii qubeewwan isin barattaniin jalqaban jiruu ? Isaan kami ?
3. Awutoobisii fi taaksii keessaa kan iddoo bal’aa qabatu isa kami ?

## Yeroo Sheekkoo

Hidha sheekkoo lakkoofsa 18 irratti hundaa’uun meeshaalee taphaa waraqaa irraa hojjechuu akka shaakalan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Daa'imman qaruuraa pilaastikiitti bishaan akka guutan yookiin saanduqa cirrachaatti safartuuwwan adda addaan cirracha akka itti guutan gochuun jabina harka isaanii akka gabbifatan taasisaa. Tapha harkaa fi miila isaanii waljijjiiruun tarkaanfachuu,utaaluu fi daa'imuu taphachiisuun jabina gateettii isaanii akka gabbifatan shaakalsiisaa, Fakkeenyaaf akka raammoo , bofa ,lootuu loo'uu
- "Tapha bilisaa", daa'iimman taphoota filatan dhuunfaanis ta'e gareen akka taphatan gochuun guddinni daa'iimmanii karaa hundaa akka gabbatu gargaara

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 27 irra haala jiruun qubeewwan walbaranitti fayyadamuun jechoota akka ijaaranii fi jechoota ijaaran akka addaan akka baasanii fi dubbisan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 28 irra haala jiruun qubeewwan walbaranitti fayyadamuun himoota jechoota lamaa fi sadii qaban ijaaruun akka dubbisan taasisa.
- **Gocha 3:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 29 irra haala jiruun qorqorroo hamma adda addaa qabaniifi kubbaayyaa pilastikii fayyadaamuun wantoota kanneen akka cirrachaa ,bishaan, midhaan dheedhii fi kanneen kana fakkaatan meeshaadhaa meeshaatti gara galchuun meeshaa isa kamtu xiqqaa , isa kamtu immoo guddaa akka ta'e akka himan jajjabeessaa.
- **Gocha 4:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 30 irraa haala jiruun wantoota dheerinaan wal caalan safaruun akka waliin dorgomsiisan taasisaa.
- **Gocha 5:** pilaastikii dhoqqee fi bishaaniin guutan ispoonjii fi huccuu bishaaniin cuubame fayyadamuun bocaawwan adda addaa akka kennaniif taphoota cuunfu yookiin dholaan dholuu taphachiisuun jabina harka isaanii akka gabbifatan gargaaraa.
- **Gocha 6:** Daa'imman daree keessatti fi dareen alatti wantoota argan tarreen akka ibsan gochuun naannoo isaanii akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

Hidha ogummaa gaarii keessaa lakkoofsa 17 irraa haala jiruun qubeewwan kaardii irratti barreeffaman mummuruu fi wal-qabsiisuun jechoota sasalphoo akka ijaaran gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Gahee dhukkubsatootaa fi nama fayyaa fakkeessuun akka taphataman gochuun miira dhukkubaafi madaa akka ibsan taasisaa.
- Hidha tapha daree keessaa tapha lakkoofsa 17 "Guuboo walaloo" jedhu akka taphatan gochuun qubeewwan beekaniin jechoota akka ijaaran gargaaraa.

## Yeroo Muuziqaa

Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 20 "Simbirrittiin Ta'a" jedhu faarfachiisuun yaadarimeewwan adda addaa akka hubatan taasisaa

# Torban 19ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Harka isaanii dachaasuu fi diriirsuun jabina harka isaanii ni mirkaneeffatu (wayitii 1)
- Quba abbudduu fi quba agarsiiftuutiin meeshaalee qunxuuxanii qabu (wayitii 3)
- Jechoota sasalphoo (qubeewwan lamaa fi sadi) fi himoota sasalphoo (jechoota lamaa fi sadi qaban ) ni dubbisu (wayitii 4)
- Iddoo fi hanga gidduu garaa garummaa jiru ni ibsu (wayitii 1)
- Fageenyaa fi kallattii iddoo tokkoo addaan ni baasu(wayitii 4)
- Miira dhukkubaa fi madaa ni himu (wayitii 2)
- Faayidaan qabiinsa qulqullina ilkaanii jechuun , ilkaan dhiqachuu ,qulqulleessuu fi nyaata fayyaa namaaf kennan soorachuu ni ibsu.(wayitii 2)
- Naannoo jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu.(wayitii 4)
- Waraqaa kukutuun bocaawwan adda addaa ni hojjetu .(wayitii 2)
- Fakkii fi boca adda addaa ni dinqisiifatu.(wayitii 2)

## Mala Baruu- barsiisuu

Marii, Oduu durii himuu,ibsuu,hojii gochaa ,gaaffi fi deebii,faarfannaa ,tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, oduu durii, kitaabolee faarfannaa, gabatee qubee,ulee hanga adda addaa qaban, qabduu, kilaaseerii, haqxuu, qubeessaa , maqasa , buruushii fakkii, waraqaa, filiippii chaartii, paziloota adda addaa ,meeshaalee muuziqaa , meeshaalee ragaalee waraaban ,meeshaalee siidiwwan ragaaleen itti waraabame taphachiisan, taangiraamii, inculullloo, madaala, sigiggoo, marmaartuu , ujummoo keessa hulluuqan , kortoo , gommaawwan hanga adda addaa qaban, saanduqa ciisichaa.

## Yeroo Marii

| | Kardii Marii- ji'a 5ffaa | |
|---|---|---|

### Gaaffilee Marii

1. Wantoota fakkicha irraa argitan keessaan quba abbudduu fi quba argisiiftuutiin qunxuuxamanii olkaasuun danda'amu isaan kami?
2. Masgiidichaa fi bataskaanicha keessaa mana barumsaatti kan dhiyaatu isa kami?
3. Fakkii argitan keessaa isa kamtu caalaatti isin gammachiisaa ?
4. Fakkiiwwan argitan keessaa jabina harkaa kan gabbisu isa kamii ?
5. Wantoota fakkicha irratti argaman ilaaluun dhimmoota ijaaruu kan danda'u eenyu ?
6. Wantoota fakkicha  irratti argaman keessaa waraqaa kukkutuun boca  isa kamiin hojjechuun danda'amaa?

## Yeroo Muuziqaa

Hidha sheekkoo   keessaa sheekkoo lakkoofsa 19 "Leemmanee fi qulqullina dhuunfaa ishee" kan jedhu itti himuun ogummaa qulqullina ilkaanii eeggachuu akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 21 "utaalloo qabsiisuu" jedhu akka taphatan gochuun miira utaalloo akka ibsan taasisaa .
- "Tapha Bilisaa" Daa'imman taphoota filatan dhuunfaanis ta'ee gareen akka taphatan gochuun guddina daa'immanii karaa hundaa akka gabbatu gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1**: Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 27 irra haala jiruun qubeewwan wal baranitti fayyadamuun jechoota akka ijaaranii fi jechoota ijaaran akka addaan baasanii fi dubbisan taasisaa
- **Gocha 2:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 28 irra haala jiruun qubeewwan wal baaranitti fayyadamuun jechoota ijaaraniin himoota sasalphoo jechoota lamaa fi sadii qaban akka ijaaran gochuun himoota ijaaran akka dubbisan taasisaa.
- **Gocha 3:** Muka qara qabuun wantoota furdina garagaraa qaban (kilaaseerii, kaartoonii fi kkf ) bakka baay’ee akka uran gochuun jabina harka isaanii akka gabbifatan taasisaa.
- **Gocha 4:** Hidha gocha keessaa gocha lakkoofsa 31 irra haala jiruun paaziloota adda addaa wal-qabsiisuun garaagarummaa iddoo fi hammaa gidduu jiru akka hubatan taasisaa.
- **Gocha 5:** Meeshaalee xixiqqaa kaasuun tokkoon tokkoon meeshaa mi’a baatu tokko keessa kaa’uun quba abbudduu fi quba agarsiistuun meeshaalee olkaasuu akka shaakalan taasisaa. Fakkeenyaaf, firii ataraa, kubbaa xixiqqaa ,furtuu fi kkf .
- **Gocha 6:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 32 irra haala jiruun jechoota iddoo, fageenyaa fi kallattii ibsan ,(dhiyoo,fagoo,keessa,irraa fi kkf )addaan akka baasan taasisaa.
- **Gocha 7:** Waa’ee qabiinsa ilkaanii fi fayyaa maatii isaanii gaafatanii akka dhufan gochuun daree keessatti hiriyoota isaanitti akka himan taasisaa.
- **Gocha 8:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 33 irra haala jiruun daa’imman wantoota naannoo isaaniitti argaman kan uumamaa fi nam tolchee jedhanii adda baasanii akka himan gaafadhaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Fakkiiwwaniifi bocaawwan adda addaa fuula dura isaanii kaa’uun daa’imman akka dinqisiifatan taasisaa.
- Taangiraamii fayyadamuun bocawwan adda addaa akka hojjetan gochuun meeshaalee manaa akka hojjetan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

Hidha tapha daree keessatti taphataman keessaa tapha gochaa lakkoofsa 18 “naannoo keenyaa haa ijaarru” jedhu taphachiisuun naannoo jechuun maal jechuu akka ta’e akka hubatan gargaaraa.

## Yeroo Muuziqaa

Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 21 faaruu "Akaakuu halluuwwanii" jedhu faarfachiisuun halluuwwan akka dinqisiifatan gargaaraa.

# Torban 20ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Quba habbudduu fi quba argisiiftutiin meeshaalee qunxuuxanii qabu ( wayitii 2)
- Meeshaalee adda addaa dandeettii harkaan qabanii gadi lakkisuu gabbifatu (wayitii 2)
- Jechoota sasalphoo (kenneen qubee lamaa fi sadi qaban) fi himoota sasalphoo(jechootaa lamaa fi sadii qaban ni dubbisu (wayitii 1)
- Sochii ijaa fi harkaa ni qindeessu (wayitii 3)
- Fageenyaa fi kallattii iddoo addaan ni baasu (wayitii 1)
- Wantoota sirnaan kaa'uu fi dorgomsiisuu ni danda'u (wayitii 4)
- Faayidaa qabiinsa fayyummaa ilkaanii ,ilkaan rigachuu,lulluuqqachuu fi nyaata fayyaaf ta'u soorachuun qabu ni ibsu (wayitii 4)
- Naannoo jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu (wayitii 2)
- Walitti dhufeenya namoonni naannoo isaanii wajjiin qaban ni ibsu(wayitti 2)
- Fakkii fi bocawwaan adda addaa ni dinqisiifatu
- Faarfannaa yookiin sirboota sirriitti ni faarfatu.(wayitii 1)

## Mala Baruu-barsiisuu:

Marii ,Oduu durii himuu, ibsuu, hojii gochaa, gaaffii fi deebii, faarfannaa, tapha.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii Marii, kitaabolee oduu durii, taphaa fi faarfannaa, cirracha, gabatee qubee, qabduu, maqasa, gaazexaa, barruulee, qubeessaa halluwwan adda addaa qabanii fi waraqaa, meeshaalee muuziqsaa adda addaa waraabduu sagalee, meeshaalee siidiiwwan sagaleen

itti warabaman taphachiisan inculullo, madaala, sigiggoo, marmaartuu, ujummoota keessa hulluuqan, kortoo, goommaa hanga adda addaa qaban, saanduqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

## Kaardii Marii: Ji'a 5ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Fakkicha irratti ijoolleen sirnaan hiriiran isinitti muldhatuu? Akkaataan hiriira isaanii attami?
2. Fakkicha irratti mucayyoon tokko naannoo ishee qulqulleessaa jirti. Maaliif kan fayyadu isinitti fakkaata?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 19 daa'imman torban darbe waa'ee "Leemmaneen nyaata ishee yeroo nyaattu maal akka gootu" dubbatu irra deebi'anii akka himan gochuun ogummaa eegumsa qulqullina ilkaanii akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 22 wixinee boca harkaa fi miilaa cirracha irratti chaappessuu (pattern) hojjachiisuun wantoota duraa duubaan kaa'uun akka shaakalan taasisaa.
- "Tapha Bilisaa" daa'iimman tapha filatan dhuunfaanis ta'e gareen akka taphatan gochuun guddinni daa'iimmanii karaa hundaan akka gabbatu gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 27 irra haala jiruun qubeewwan walbaranitti fayyadamuun jechoota akka ijaaranii fi jechoota ijaaran akka addaan baasanii fi dubbisan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 28 irra haala jiruun qubeewwan walbaranitti fayyadamuun jechoota ijaaraniin himoota sasalphoo jaechoota lamaa fi sadi qaban ijaaranii akka dubbisan taasisaa.

- **Gocha 3:** Qabduu xiqqaa cirracha funaanaman kennuufiin quba isaanii qindeessanii funaanuu akka shaakalan gochuuf qabduu fi cirracha qopheessuun ,quboota qindeessuun qabduun cirracha funaanuun kaasuu itti agarsiisaatii haaluma ilaalaniin akka hojjatan jajjabeessaa.
- **Gocha 4:** Hidha gochaa keessaa gocha lakkoofsa 32 irra haala jiruun teessuma meeshaalee daree isaanii keessaa fageenya iddoo fi kallattiin, fakkeenyaaf, dhiyoo, fagoo,keessa, alaa fi kkf fayyadamuun akka ibsan taasisaa.
- **Gocha 5:** Daa'iimman waa'ee naannoo isaanii akka hubataniif dareen alatti naannoo mana barumsaa isaanii daawwachiisuun haala bakkawwan adda addaa naannoo isaanitti argamanii (Fakkeenyaaf ,laga yookiin bishaan,gaara, dirree, lafa magariisa fi kkf ) daree keessatti hiriyyoota isaaniitti akka ibsan taasisaa.
- **Gocha 6:** Daa'immaniif waraqaa fi qubeessaa hiruun dibuu, mummuruu fi babbaqaqisuun qindoomina ija fi irree isaanii akka gabbifatan gargaaraa.
- **Gocha 7:** Hidha gochaa keessa gocha lakkoofsa 34 irra haala jiruun ulfaatina meeshaalee daree keessatti argamanii kanneen ibsan salphaa , ulfaatoo, baayyee ulfaatoo jechuun akka dorgomsiisan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Maqasatti fayyadamuun gaazexoota, barruulee fi kkf fakkiiwwan adda addaa akka murmuran gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessatti taphataman lakkoofsa 19 tapha "Nam-tolchee" jedhu taphachiisuun waa'ee naannoo isaanii akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 14 "qulqullina keenya haa eeggannu" jedhu akka faarfatan gochuun waa'ee eeggannoo fi kunuunsa ilkaanii akka hubatan taasisaa.
- Daa'iimman faarfannaa yookiin sirboota beekan sirriitti akka faarfatan taasisaa.

## Barnoota Ji'a 6ffaa



# Torban 21ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Dandeettii Meeshaalee adda addaa harkaan qabanii gadi lakkisuu ni gabbifatu. (wayitii 5) D
- Sochii ijaa fi harkaa ni qindeessu (wayitii 4)
- Faayidaa qabiinsa fayyummaa ilkaanii , ilkaan rigachuu ,dhiqachuu fi nyaata fayyummaa namaaf kennan soorachuu ni ibsu ( wayitii 2)
- Dambootaa fi seerota nageenyaa kabajuu ,ofii isaaniis ta'e kanneen biroo balaa irraa attamiin eeguun akka dandaa'amu ni ibsu .(wayitii 2)
- Qunnamtii namoonni naannoo isaanii waliin qaban ni ibsu ( wayitii 4)
- Faarfannaa yookiin sirboota sirriitti ni faarfatu (wayitii 4)

## Mala Baruu-barsiisuu :

Marii,Oduu durii himuu, ibsuu, hojii gochaa gaaffii fi deebii, faarfannaa, tapha .

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, kitaabolee Oduu durii, taphaa fi faarfannaa, biyyii, qaruuraawwan pilaastikaa, Cirracha, dhoqqee, kaartoonii /kilaaseerii, maqasa, pilaastikii, kubbaayyaa, rigaa ilkaanii/ burushii ilkaanii,qubeessaa fi waraqaa qalama adda addaa qaban, haqxuu, halluu, koofiyaa tiraafikaa, meeshaalee muuziqaa adda addaa, meeshalee sagalee waraaban, meeshaalee siidiiwwan sagalee waraaban ittin taphachiisan, inculullоо, madaala, sigiggoo, marmaartuu hujummoo keessa hulluuqan, kortoo, goommaa hanga adda addaa qaban, saanduqa cirrachaa

## Yeroo Marii

## Kaardii Marii Ji'a 6ffaa

### Gaaffilee marii

1. Fakkicha irratti maal maal fa'atu isinitti muldhata?
2. Mucayyoon fakkicha irratti muldhatu maal gochaa jirti ?
3. Bineeldota fakkicha irratti muldhatan keessaa kanneen namarratti balaa geessisuu danda'an isaan kami ? Isin balaa kanarraa of eeguuf of eeggannoo attamii gochuutu isinirra jira?
4. Fakkicha irratti ijoolleen konkolaataa fuulduratti argaman balaa attamiitu irra gaha jettanii yaaddu?maalif ?Osoo isin ta'ee maal gootu?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha Sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 4 “Hantuuta lameen” jedhu irra deebi'uun itti himuun garaa garummaa baadiyaa fi magaala gidduu jiru akka hubatan taasisaa.
- Hidha Sheekkoo keessaa oduu durii lakkoofsa 20 “Adurreewwan Caaltuu” jedhu itti himaatii gaaffilee gahumsaa isaaniin walqabatu gaafadhaa Dhumarrattis gorsa jiru dabarsuufii hin dagatinaa

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 23 “konca/shantee” jedhu taphachiisuun qindoomina ijaa fi harkaa akka gabbifatan taasisaa.
- Hidha taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 24 “Miidhaa ittisuu” jedhu taphachiisuun daa’imman taphoota adda addaa yeroo taphatan balaawwan uumamuu danda’uu akkaata kamiin ofiirraa ittisuu akka dandaa’an taphaan hubachisaa
- ‘Tapha bilsa’daaimman taphoota filatan dhuunfaaniis ta’ee gareen akka taphatan gochuun daa’imman dagaagina hunda galeessa akka gabbifatan gargaaraa

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 35 irratti bu’uureefachuun cirrachaan,dhoqqeedhaan, mukaan fi waraqaan wantoota adda addaa akka hojjetan gochuun qindoomna ijaa fi harkaa akka gabbifatan gargaaraa.
- **Gocha 2:** Daa’imman waraqaawwanii fi pilastiikiiwwan fufurdoo adda addaa ta’an irraa sararootaa sararamaan hordofuun osoo hin jallisin akka muran taasisuun qindoomna ijaa fi harka akka gabbifatan gargaaraa
- **Gocha 3:** Daa’imman qawwisaa/ aziiraariifi fi ziipi uffata isaanii banuu fi cufuu ,kophee isaanii hidhachuu fi hiikuu fi gochawwan k.k.fakkaatan akka raawwatan taasisuun sochii qindoomna ijaafi harka akka gabbifatan ni gargaaraa
- **Gocha 4:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsaa 36 irratti bu’uureefachuun meeshaalee adda addaa qabiyyee kan ibsan duuwwa, guutuu, irra xiqqaa, irra guddaa fi k.k.fakkataan jechuun wantoota sirnaan tooraa galchuu akka hubatan taasisaa
- **Gocha 5:** Rigaa ilkaanii/buruushi fayyadamuun ilkaan akkamitti qulqulleessuu akka danda’amuu fakkeessuun daa’immanitti agarsiisuu fi daa’imman quba agarsiistuudhaan fayyadamuun ilkaan isaanii riguu akka shaakalanii fi akka ilaalan gargaaraa.Garuu quba isaanii afaan isaanii keessaa akka hin liciisiisinee ofeegannoo taasisuun hordofaa.
- **Gocha 6:** Danbiiwwanii fi seerotaa nageenya kabajuun balaa irraa ofii isaaniis ta’ee kaawwan biroo irraa akkamiin ofeeguu akka danda’an maatii isaanii gaafachuun daree keessatti akka irratti mar’atan taasisaa

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Daa'imman wantootaa daree alatti argaman keessaa waan barbaadan fakkii kaasuu fi hiriyootaa daree isaaniitiif agarsiisuun akka ibsan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Daa'imman garee gareedhaan taa'uun poolisii tiraaffiikii fakkeessuun akka taphatan taasisaa

## Yeroo Muuziqaa

- Daa'mman faaruu ykn sirba naannoo isaaniitti beekan qajeelloon akka faarsan taasisa
- Hidha yeedaloo keessatti yeedaloo lakkoofsa 18 'wallaalummaan haabadu' jedhuu faarsiisaa.

# Torban 22ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Daa'imman saffiisa quba isaanii ni agarsiisu.(Wayitti 5)
- Sochii ijaa fi harkaa ni qindeessuu.(Wayitti 3)
- Qubee,jechaa fi hima ni barreessuu.(Wayitti 1)
- Wantoota sirnaan toora galchuu fi waldorgomsiisuu ni danda'u. (Wayitti 2)
- Argama ofiirraa ka'uun argama kallatti meeshaaleen itti argaman ni ibsu. (Wayitti 2)
- Danbiiwwan fi seerota nageenyaa kabajuun balaa irraa ofii isaaniis ta'ee kaawwan irraa akkamiin eeguu akka danda'an ni ibsu.(Wayitti 4)
- Naannoo akkamitti kunuunsuu akka danda'amuu ni ibsu.(Wayitti 4)
- Faaruu ykn sirba qajeelloon ni faarsuu.(Wayitti 4)

## Mala Baruu – barsiisuu:

Marii, sheekkoowwan himuu, hubachiisuu/ibsuu, hojii gocha, gaaffii fi deebii, faaruu tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kardii marii,sheekkoo, kitaaba taphaa fi faaruu, uffata mummuramaa, poostaraa adda addaa mallattoo balaa agarsiisan, gabatee qubee, bocaawwan qubee mummuramaan, qubeessaa fi waraqawwan bifaa adda addaa qabanii, meeshaalee muuziqaa adda addaa, meeshaalee waraabbii sagalee, siidii waraabduu sagalee fi sirbisiistuu, inculullloo , madaalaa, siigiggoo, marmaartuu, huluqii ujummoo, kortoo, gommawwan hanga isaan adda addaa ta’ee, sanduuqa cirracha

## Yeroo Marii

## Kardii Marii - ji’a 6ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Fakkii irratti kan mul’atu meeshaaleen minjaalaa gubba tooraa galan maal maalfadha?
2. Fakkii irratti kan mul’atu hawaasni naannoo isaanii kunuunsanii kan qaban isintti fakkata? maaliif? naannoo keenya qulqulluu akka ta’uu maal gochuu qabnaa?
3. Fakkii irratti ijoolleen sadeen mul’atan karaa dugdaa, karaa bitaa, mirgaa fi karaa fuuldura isaaniitti wantoota maal maaltu itti mula’ta?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsaa 21 Kan “Jamiilaa fi olloota ishee” itti hima.Itti aansuun gaaffiiwwan waa’ee barbaachisummaa qulqullinaan naannoo isaanii akka hubatan taasisa. Dhumarratti gorsa kenna.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alatti taphataman jedhu keessaa tapha lakkoofsa 20 “ Eegee buqqisuu” jedhuu taphachiisuun ofiitti amantummaa akka horatan gargaari.
- “Tapha bilisa” Daa’imman tapha filatan dhuunfaniis ta’e,gareen akka taphatan taasisuun dagaaginaa hunda galeessa akka gabbifata ni gargaara.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Sararoota bu'uuraa adda addaa fakkeenyaaf saraara dhaabbataa,dalgee fi jajalloo akka sararan taasisuun , qindoomina ijaa fi harkaa akka gabbifatan ni taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 37 irratti bu'uureefachuun qubeewwan torban keessatti baratan (N, O, P, Q, R, S, T, U, V, W, X, Y fi Z) fayyadamuun qubeewwan, jechootaa fi himoota sasalphaa ta'an irra deddeebiidhaan akka barreessan taasisaa.
- **Gocha 3:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 30 irratti bu'uureeffachuun hojjaa meeshaalee kan ibsu daree keessaa ykn dareen alaa fiduun gabaabaa,dheeraa, baay'ee dheeraa jechuun akka wal-dorgomsiisan taasisaa.
- **Gocha 4:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 38 irratti bu'uureeffachuun meeshaalee daree keessatti argaman argama ofii irraa ka'uun gara fuulduraa, duubaa, karaa bitaa fi mirgaa fi k.k.f. jechuudhaan akka ibsan taasisaa.
- **Gocha 5:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 39 irratti bu'uureeffachuun mallattoo tiraafikii fi karaa qaxxaamura danbiiwwan nageenyaa irratti hubannoo isaanii akka gabbifatan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Daa'imman dareen alatti wantoota barbaadan keessaa fakkii akka kaasanii fi hiriyootaa daree isaanitti agarsiisuun akka ibsan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 20 'Dacheen maal jette'? jedhu taphachuun waa'ee barbaachisummaa kunuunsaa naannoo akka beekan gargaaraa.
- Hidha "taphoota daree keessatti taphataman "keessaa tapha lakkoofsa 21' qubeewwan maqaa koo keessa jiran ' jedhamuu taphachiisuun ofii isaaniifi maqaa daa'imman biroo qubeewwan barachuu akka danda'an kaardiiwwan maqaa fayyadamuun daa'imman tokkoon tokkoon kaardii maqaa daa'immanii irraa jiruu waraqaa mummuramaa fi qubeessaa kennuun daa'imman maqaa isaan ofeegannoon akka ilaalan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Daa’imman sirba naannoo isaaniitti sirbamuu qayyabatan akka fidan gochuun daree keessatti akka sirban taasisaa.
- Hidha” Yeroo Muuziqaa” keessaa faaruu lakkoofsa 14 keessatti ‘Qulullina keenya haa eegnu” jedhuu faarfachiisaa.
- Hidha” Yeroo Muuziqaa” keessaa faaruu lakkoofsa 22 keessatti faaruu “beeladonni faarsuu ni danda’u” jedhuu faarfachiisaa.

# Torban 23ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa’imman barnoota kana booda::**

- Saffiisa qubaa ni agarsiisu (wayitii 2)
- Taphaan qindoomina ijaa fi harkaa ni gabbifatu (wayitii 3)
- Qubee,jechootaa fi himootaa ni barreessuu. (wayitii 4)
- Argamaa ofiirraa ka’uun kallattiiwwan meeshaaleen itti argaman ni ibsu. (wayitii 3)
- Argamaa meeshaalee kallattii adda addaa irraa ka’uun ni ibsu (wayitii 2)
- Danbiiwwanii fi seerotaa nageenya kabajuun balaa irraa ofii isaaniis ta’ee kaawwan biroo irraa ofeeguu akka danda’an ni ibsu. (wayitii 4)
- Naannoon akkamitti kunuunsuu akka dandaa’an ibsu. (wayitii 4)
- Faaruu ykn sirba qajeelloon ni faarsuu. (wayitii 4)

## Mala Baruu – Barsiisuu:

Marii, sheekkoowwan himuu,hubachisuu/ibsuu,gochoota raawwatamuu, gaaffii fi deebii, faaruu fi taphoota

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii,kitaaba sheekkoo, faaruu, cirracha, kochoo balfaa fi waraqawwan mummuraman, dooqaa, fooyaa, waraqawwan adda addaa, qubeessa, boca qubeewwan mummuraman , kalaarootaa haqxuu, sarartuu, gabatee qubeewwan, meeshaalee waraabbii sagalee, siidiiwwan sagaleewwan ittiin warabamee fi siirbsiistuu, inculuulloo , madaalaa, siigiggoo,maraamartoo, hulluuqqaa ujummoo, gommaawwan hanga adda addaa qaban, saanduqaa cirracha

## Yeroo Marii

# Kaardii Marii- ji'a 6ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Wantoota fakkii irratti argaman gubbaa, gadii fi jala jechuun addaan baasaa.
2. Wantoota fakkii irratti argaman fuulduraa fi duuba jechuun addaan baasaa
3. Fakkii irratti qubeewwan maal maalfatuu isinitti mula'ata? jechootaa qubeewwan kanneeniin jalqabaman barreessuu dandaeessuu? Mee nama barreessee natti agarsiisuu dandeessaa? Eenyu?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 22 "Kadiijjaa fi Hiriyoonni ishee" akkaataa biqiltuu itti kunuunsan sheekkoo jedhuu seeneessuu fi gaaffiiwwan kanaan walitti dhiyeenya qaban gaafachuun ,waa'ee kunuunsa akka hubatan taasisi .Dhumarratti gorsa kennuu hin dagatinaa.
- Daa'imman offii isaanii balaa irraa ofeeguu fi naannoo isaanii akkaataa itti kunuunsan sheekkoowwan barsiisuu danda'an qopheessuun seeneessuu fi gaaffiiwwan walitti dhiyeenya qaban gaafachuun waa'ee kunuunsa naannoo akka hubatan gochuu. Dhumarratti gorsa kennuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha "taphoota dareen alatti taphataman" jedhu keessaa tapha lakkoofsa 23 'Konca
- /shantee taphachuu"jedhu taphachiisuun sochii saffiisa qubaa fi qindoomina ijaa fi harkaa akka gabbifatan gargaaraa.

- Hidha "taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 25 "Daandii gadhiisuu" jedhuu taphachiisuun waa'ee danbiiwwan karaa akka hubatan gargaaraa.
- Hidha "taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 26 "Faaltota dachee" jedhuu taphachiisuun kunuunsaa naannoo akka hubatan gargaaraa
- 'Tapha bilisaa'daa'imman taphoota filatan dhuunfaaniis ta'ee gareedhaan akka taphatan gochuudhaan daa'imman dagaagina hundaa galeessa akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 37 irratti bu'uureefachuun qubeewwan torban keessatti baratan fayyadamuun qubeewwan, jechootaa fi himoota sasalphaa abba jechoota 2-3 irraa deddeebiidhaan akka barreessan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 40 irratti bu'uureefachuun "bineeldotaa fi ilbiisota" miidhaa geessisan irraa akka of baraaran ni gargaaraa
- **Gocha 3:** Dooqaawwan fooyaa keessatti toora galchuu (naquu) akka shaakalan gochuun qindoomna ijaa fi harkaa akka gabbifatan gargaaraa.
- **Gocha 4:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 42 irratti bu'uurreeffaman waraqaa maraa akka hojjetanii fi akka walqabsiisan sochii fi safiisa qubaa akka gabbifatan taasisaa.
- **Gocha 5:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 43 irratti bu'uureeffachuun meeshaalee daree keessatti argaman fayyadamuun sirnaan toora akka galuu gochuu fi teessuma isaanii irraa ka'uudhan iddoo itti argaman akka dubbatan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Meeshaalee fakkii fi bocaawwan hojjechuudhaaf tajaajilan fiduun daa'imman mana isaaniiti yemmuu dhufan wantoota hubatan mallattoowwan tiraafikii ,iddoowwan taphootaa filatamoo ta'an,daa'imman karaa qaxxamuranii fi k.k.f. keessaa kan filatan akka fakkii kaasan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha "taphoota daree keessatti taphataman "keessaa tapha lakkoofsa 22 'Tapha Qubaa' jedhuu taphachuun aziiraarii kootii ykn ziippii banuu, cufuu fi harka walitti rukutuudhaan sagalee dhageessisuun akka taphatan gochuudhan qindoomina ijaa fi harkaa akka gabbifatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha" yeroo muuziqaa" keessaa faaruu lakkoofsa 23 keessatti "faaruu naannoo Oromiyaa" dhuunfaan ykn gareedhan qajeellootti akka faarsan taasisaa.
- Hidha" yeroo muuziqaa" keessatti faaruu lakkoofsa 24 keessatti faaruu "Barattoota qaxalee" kan jedhuu faaruu faarsuun waa'ee eegumsaa tiraafikii akka hubatan gochuu
- Hidha yeroo muuziqaa keessatti faaruu lakkoofsa 20 keessatti "simbirrittiin ta'a" faaruu jedhuu faarsuun argama ofii irraa ka'uun argama meeshaalee akka gargaar baasan taasisuu

# Torban 24ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Tapha qindoomina ijaa fi harka ni gabbifatu. (wayitii 4)
- Qindoomina argan hubachuu ni gabbifatu. (wayitii 1)
- Qubeewwan,jechootaa fi himootaa ni barreessu. (wayitii 4)
- Argama meeshaalee kallattiiwwan adda addaa irraa ka'uun ni ibsu. (wayitii 3)
- Gochawwan guyyaa keessatti raawwataman addaan baasuu. (wayitii 2)
- Danbiiwwan fi seerotaa nageenya kabajuun balaa irraa ofii isaaniis ta'ee kaawwan irraa akkaataa ofeeguu danda'an ni ibsu.(wayitii 2)
- Tuttuqaa fayyaa qabeessaa fi fayyaa dhabeessa miidhaa fi faayidaa isaa ni hubatu. (wayitii 2)
- Naannoo akkaataa kamiin kunuunsuu akka danda'an ni ibsu. (wayitii 2)
- Wantoota naannoo isaanitti argaman keessaa kan miidhaa geessisan addaan baasu. ( wayitii 2)
- Faaruu ykn sirba qajeelloon ni faarsu.( wayitii )
- Daansii fi sochiiwwan adda addaa keessatti damaqinaan ni hirmaatu. (wayitii 2)

## Mala Baruu – Barsiisuu:

Marii, sheekkoowwan himuu,hubachisuu/ibsuu,gocha raawwataman gaaffii fi deebii, faaruu fi taphoota

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, kitaaba sheekkoo, faaruu, waraqaa halluu, kubba,qubeessaa, qubeewwan mummuraman, hartuu, uffataa mummurama, kaartoonni, waraqataa qubeessituu halluuwwan adda addaa, meeshaalee muuziiqaa aadaa waraabduu sagaleewwan, siidiiwwan sagaleewwan ittiin warabamee fi sirbsiistuu, inculuulloo, madaalaa, siigiggoo, maraamartoo, ujummoo huluuquu, kortoo, gommawwan hanga adda addaa qaban fi sanduqaa cirrachaa

## Yeroo Marii

## Kaardii Marii- ji'a 6ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Fakkii irratti qubeewwan maal maaltu isitti mul'ata?
2. Fakkii irratti wantootaa maqaa qubee 'm'tiin moggafaman jecha eenyutu waama?
3. Fakkii irratti gochoota maal maal argitan? maal maal irraa hubatan?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsa 23 keessatti "hojiiwwan guyyoota hundaa" keessatti sheekkoo gara barnoota idileen duraa jedhuu seeneessuu fi ijoolleen wantoota guyyaa keessatti raawwataman ganama hanga galgaala raawwataman akka addaan baasan taasisaa.
- Daa'imman waltuttuqaa nafa namaa seera alaa irraa akka of eegan sheekkoowwan barsiisuu danda'an qopheessuun itti himuu

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha " taphoota dareen alatti taphataman" jedhu keessaa tapha lakkoofsa 27 "Ibsaa magariisa, keelloo fi diimaa" jedhuu taphachiisuun danbiiwwaan karaa akka hubatan gargaaruu
- Hidha " taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 19 "Kubbaa walitti Kennuu" jedhamuu taphachiisuun qindoomina ijaa fi harkaa akka gabbifatan taasisuu
- Hidha " taphoota dareen alatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 10 "Si'oloo" jedhuu taphachiisuun qindoomina ijaa fi harkaa akka gabbifatan taasisuu
- Wantoota naannoo keenyatti argamanii fi miidhaa geessisan (fakkeenyaaf wantoota qara qaban, shiboo elektiriikaa, limmoo fi qoraattii, fi k.k.f.akka hubatanii fi miidhaa isaanii akka addaan baasan fakkeessan taphachuun taphachiisaa
- "Tapha bilisaa'daa'imman taphoota filatan dhuunfaaniis ta'ee gareedhaan akka taphatan gochuudhaan daa'imman dagaagina hundaa galeessa akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 37 irratti bu'uureefachuun qubeewwan torban keessatti baratan fayyadamuun qubeewwan, jechootaa fi himoota sasalphaa abba jechoota 2-3 irra deddeebiidhaan akka barreessan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 41 irratti bu'uureefachuun wantoota ibiddaa qabsiisuu danda'an, balaa elektiriikaa fi bishaan irraa ofeeguu akka danda'an gargaaraa.
- **Gocha 3:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 43 irratti bu'uurreeffaman fakkii dhiyeessuun wantoota fakkii irratti mula'tan teessumaa kallatti adda addaatiin ilaaluun waan hubatan akka dubbatan taasisuu
- **Gocha 4:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 44 irratti bu'uurreeffaman wantoota walfakkaatan, garuu wantoota muraasan adda kan ta'an fakkiiwwan lamaan fayyadamuun waan hir'atan hubatanii akka ilaaluu fi akka walfakkeessan taasisaa.
- **Gocha 5:** Daa'imman daree barnootaa fi mooraa mana barumsaa isaanii akka qulqulleessan taasisuun daa'imman naannoo isaanii akkaataa itti qulqulleessuu danda'an akka ibsan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Fakkii sa'aatii kaasuun halluuwwan adda addaa akka diban taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha "taphoota daree keessatti taphataman "keessaa tapha lakkoofsa 23 Tapha "quba koo hordofaa " jedhuu taphachuun sochii bitaa fi mirgaan akka gabbifatan taasisaa.
- Hidha "taphoota daree keessatti taphataman "keessaa tapha lakkoofsa 24 "Karaa bahiinsaa barbaaduu " jedhuu taphachuun qubeessaatti gargaaramuun saraarota walxaxaa ta'ee hordofuun dandeetti ijaan ilaaluu fi hubachuun akka gabbifatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Daa'immaniif muuziqaa banuun sochii adda addaa akka shaakalan taasisaa.
- Hidha Yeroo Muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 23 keessatti "faaruu naannoo Oromiyaa" dhuunfaa fi gareedhan qajeelloon akka faarsan taasisaa.
- Wayitti ilaalchisee faaruuwwan waalsimaan fakkeenyaaf faaruu akkam bultan jedhuu qopheessuun faarsiisaa.

## Barnootaa Ji'a 7ffaa



# Torban 25ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Qindoominaan ilaaluu fi hubachuu ni gabbifatu. (wayitti 5)
- Qubeewwan,jechootaa fi himootaa ni barreessuu. (Wayitti 3)
- Jechoota mataa isaaniitti fayyadamuun wantoota isaan qunnaman ni barreessuu. (wayitti 1)
- Gochawwan guyyaatti raawwataman addaan ni baasu. (wayyitti 4)
- Tuttuqaawwan fayyaa qabeessaa fi fayyaa dhabeessa ta'e miidhaa fi faayidaa isaa ni hubatu. (Wayitti 3)
- Wantoota naannoo isaanitti argamanii fi miidhaa geessisan addaan nibaasuu. (wayitti 5)
- Sochiiwwan adda addaa kan akka daalala /daansii fi k.k.f. keessatti dammaqinaan nihirmaatu.( wayitti 4)

## Mala Baruu – Barsiisuu:

Marii, sheekkoowwan himuu, hubachisuu/ibsuu, gocha raawwataman, gaaffii fi deebii, faaruu fi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, sheekkoo, kitaaba taphaa fi faaruu, kortoo balfaa,waraqaa mumurame, qubeewwan mumuraman, fakkiiwwan adda addaa, shiboo eltiriikaa, kibiriitii, maqxoo (maqasa), paaziilii qubee, lottoo, meeshaalee muuziiqaaaddaa adda addaa ,meeshaa sagaleewwan waraabii, siidiiwwan sagaleewwan ittiin warabamee fi siirbsiistuu, inciiluulloo, madaala, siigiggoo, maraamartoo, hulluuqaa ujummoo , kortoo , gommaawwan hanga adda addaa qaban fi saanduqa cirrachaa

## Yeroo Marii

# Kardii Marii - ji'a 7ffaa

### Gaaffilee Marii

1. Fakkii irratti wantoota maal maaltu argama?
2. Fakkii irratti qubeewwan maal maal argitan ? eenyu fa'adha?
3. Fakkii irratti lakkoofsotaa maala maal argitan? Eenyu fa'adha?
4. Fakkii irratti wantoota jalqaba irratti qubee 'x'tiin moggaafaman waami.
5. Wantoota fakkii irratti mul'atan keessaa kam fa'a duraan argitanii beektu?
6. Fakkii keessatti hojiiwwan guyyaa guyyaan hojjetamaa jiran maal fa'a dha ?
7. Fakkii irratti gochiiwwan miidhaa geessisuu danda'an kam fa'a dha?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsa 24 sheekkoo "Gorsa haadha kootii" jedhuu seeneessuu fi gaaffiiwwan gahumsa isaanii waliin wal madaalu gaafadhaa. Dhumarratti gorsaa kennuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha "taphoota dareen alatti taphataman" jedhu keessaa tapha lakkoofsa 26 "Faaltota dachee ' jedhuu taphachiisuun wantoota miidhaa geessisan akka hubatan taasisaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 37 irratti bu'uureeffachuun qubeewwan torban keessatti baratan fayyadamuun qubeewwan, jechootaa fi himoota 2-3 irra dedeebiidhaan akka barsiisan taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 45 irratti bu'uureeffchuun wantoota walfakkaatan ta'ee wantoota muraasaan adda kan ta'an fakkii lama kennuun waan keessaa hir'ate ilaalanii akka addaan baasan taasisaa.
- **Gocha 3:** Sirna Tuqaaleetti fayyadamuu akka danda'an (tuqa- lamee(:), tuqaa(.) fi mallattoo gaaffii(?)fakkiidhaan agarsiisuun waa'ee faayidaa isaanii akka hubatan taasisaa.
- **Gocha 4:** Daa'imman guyyaa guyyaadhaan waan isaan qunname hiriyootaa daree isaaniitiif akka seeneessan taasisuun jalqaba irratti waan isin qunname itti himamuun fi daa'imman hunduu waan isaan qunname hiriyoota daree isaaniitiif akka dhiyeessan taasisaa.
- **Gocha 5:** Wantoota naannoo isaan jiran keessatti miidhaa geessisuu danda'an akka addaan baasan gochuun karaa konkolaataa gubbaatti taphachuu, kibiriitiidhaan taphachuu, shiboo eletiriikaa qabuu, naannoo balfaatti taphachuu fi k.k.f miidhaa guddaa akka geessisu maatii isaanii gaaftanii hiriyootaa dareetiif akka dubbatan taasisuu,
- **Gocha 6:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 46 irratti bu'uureeffachuun ibsitootaa guyyaa keessatti (ganama,galgala,guyyaa, waaree booda fi k.k.f )waamuun akka shaakalan taasisuun yeroo kana keessatti maal maal akka hojjetan mariisisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Bocaawwanii fi qubeewwan eega barreeffamee booda mumuruun akka maxxansaan gargaaraa

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Wantoota miidhaa geessisuu danda'an( fakkeenyaaf : karaa konkolaataa gubbatti taphachuu,kibiriitiidhaan taphachuu,shiboo eletiriika qabuu, naannoo balfaati taphachuu fi k.k.f ) fakkeessanii akka taphatan taasisu
- Hidha "taphoota daree keessatti taphataman "keessaa tapha lakkoofsa 25 ' Tapha qubeewwaan wal-qabsiisuu " jedhuu taphachuun jechootaa fi himootaa akka ijaaran gargaaraa.

## Yeroo Muuziqaa

- Sirboota aadaa sabaa fi sablamootaa adda addaafi dankiraawwan daa'immaniif banuun sirboota aadaatiin akka taphatan taasisaa.
- Tuttuqaa nafa namaaa barbaachisaa hin taane irraa akka of eegan faaruuwwan barsiisuu danda'an qopheessuu fi faarsiisiisuun waa'ee tuttuqaa fayya qabeessaa fi fayya qabeessa hin taane akka hubatan taasisuu,

# Torban 26ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Qindoominaan ilaaluu fi hubachuu ni gabbifatu (wayitti 1)
- Akaakuuwwan nyaata madaalawaa addaan ni baasu (wayitti 4)
- Jechoota mataa isaaniitti fayyadamuun wantoota isaan qunnaman ni ibsu (wayitti 4)
- Gochawwan guyyaa guyyaatti raawwataman addaan ni baasuu (wayyitti 4)
- Tuttuqaa fayya qabeessaa fi fayya dhabeessa ta'e miidhaa fi faayidaa isaa ni hubatu.(Wayitti 1)
- Miidhaan irra yoo gahe dandeettii of irraa ittisuu ni gabbifatu. (wayitti 2)
- Wantootaa naannootti miidhaa geessisuu danda'an irraa of eeguu. (wayitti 5)
- Daansii fi sochiiwwan adda addaa irratti damaqinaan ni hirmaatu. (wayitti 2)
- Muuziqaa fi sochiiwwan adda addaa ni dinqiisiifatu. (wayitti 2)

## Mala Baruu – Barsiisuu:

Marii, sheekkoowwan himuu, hubachisuu/ibsuu, gocha raawwataman, gaaffii fi deebii, faaruu fi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, kitaaba taphaa fi faaruu, fakkii akaakuuwwan nyaata adda addaa agarsiisan, fakkii gochoota guyyaa guyyaadhaan raawwataman, fakkii fuduraawwan agarsiisan, meeshaalee muuziiqaa aadaa adda addaa , waraabduu sagaleewwan, siidiiwwan sagaleewwan ittiin warabamee fi siirbsiistuu, inciiluulloo, madaala siigiggoo, maraamartoo, hulluuqqii ujummoo, kortoo , gommaawwan hanga adda addaa qaban fi saanduqa cirrachaa

# Yeroo Marii

## Kardii Marii- ji’a $7^{ffaa}$

### Gaaffilee Marii

1. Fakkii irratti iddoowwan kuduraa isinitti mul’atuu? maal maal fa’a ? Iddoo keenya keessatti kuduraawwan maal maal misoomsuu dandeenya?
2. Beeladoota fakkii irratti mul’atan irraa faayidaa nyaataa maal maal argachuu dandeenya?
3. Fakkii irratti gochoonni miidhaa geessisuu danda’an maal maal fa’adha? Miidhaawwan gahuu danda’an haala kamiin of irraa ittisuu dandeenya?

# Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsa 25 sheekkoo “Kuduraalee oddoo/ boroo” jedhamu itti himuu fi gaaffiiwwan walitti dhiyeenya qaban gaafachuun faayidaa akaakuwwan nyaata adda addaa akka addan baasan taasisa.
- Hidha sheekkoo keessatti sheekkoo lakkoofsa 24 sheekkoo ‘Gorsa haadha kootii” jedhamu seeneessuu fi gaaffiiwwan walitti dhiyeenya qaban gaafachuun mariisiisuun dhumarratti gorsa kennaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alatti taphataman jedhu keessaa tapha lakkoofsa 28 "Hiibboo Taphachuu" jedhu taphachiisuun daa'imman nyaata faayidaa qabuu fi faayidaa hin qabne akka addaan baasan taasisa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha gocha keessatti gocha lakkoofsa 47 irratti bu'uureeffachuun daa'imman mana isaanii keessatti, naannoo isaaniitti, mana barumsa isaanii keessatti, kaleessaa fi guyyaa har'aa waan isaan muudate akka dubbatan taasisaa.
- **Gocha 2:** Gochawwan guyyaa guyyaadhaan raawwataman gareedhaan akka irratti mar'atan godhaa. Fkn. cireen booda, laaqanaan booda, irbaataan booda, mana barnootaan booda maal akka hojjetanii fi k.k.f gaafachuun akka dubbatan taasisuu. Itti aansee gochawwan guyyaa guyyaadhan raawwataman dimishaasha isaa kennuu

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Daa'imman dallaa mana barumsaa keessatti waan isaan gammachiisu fakkii kaasuudhaan hiriyootaa dareetiif akka agarsiisan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessatti taphataman keessaa tapha lakkoofsa 26 tapha "Maqaa Fuduraalee" jedhuu taphachuun daa'imman faayidaa nyaataa akka addaan baasan taasisaa.
- Poolisii Tiraafiikii( ibsaa tiraafiikii fi Zeebiraa karaa irraa addaan baasuun fayyadamuu) fakkeessanii akka taphatan taasisaa. Tapha kana haaluma qabatama naannootiin hojiirra oolchuutuu eegama.

## Yeroo Muuziqaa

- Sirboota adda addaa banuun daa'imman daankiraa fi shubbisa namoota biroo fakkeessanii akka taphatan taasisaa.
- Hidha faaruu keessaa faaruu lakkoofsa 25 'Dibbeen Dim! Dim! Dim! jedha' kan jedhamu faaruu faarsuun meeshaalee muuziqaa adda addaa akka addaan baasanii fi akka dinqiisiifatan gargaaraa.
- Sagaleewwan muuziqaa adda addaa akka dhaggeeffatan gochuun waa'ee muuziqaa miira itti dhagahamee akka ibsatan jajjabeessuun akka dinqisiifatan gargaaraa.

# Torban 27ffaa

### Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Akaakuuwwan nyaata madaalawaa addaan ni baasu (wayitti 3)
- Faayidaa nyaata madaalaawaa ni himu. (Wayitti 2)
- Jechoota mataa isaaniitti fayyadamuun wantoota isaan qunname ni ibsu (wayitti 3)
- Sheekkoowwan ni himu (wayyitti 2)
- Guyyoota torbanii fi ji'oota waggaa dubbachuu ni danda'u (Wayitti 4)
- Miidhaan yoo irra gahe dandeettii of irraa ittisuu ni gabbifatu (wayitti 3)
- Wantoota naannootti miidhaa geessisaan irraa of eeguu (wayitti 4)
- Muuziqaa fi sochiiwwan adda addaa ni dinqisiifatu (wayitti 1)
- Wantoota adda addaatti fayyadamuun wantoota haarawaa umrii isaanii waliin walgitu hojjetan ni agarsiisu.

## Mala Baruu – Barsiisuu:

Marii, sheekkoowwan himuu, hubachisuu/ibsuu, gochaalee raawwataman, gaaffii fi deebii, faaruu fi tapha

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu:

Kaardii marii, kitaaba sheekkoo, taphaa fi faaruu, lakkoofsa guyyaa (kaalaandarii) biqiltuu iddoo, meeshaalee kuduraan ittiin misoomu, bishaan, biyyoo, waraqata, haqixuu qubeessaa, halluuwwan, maqxoo (maqasa), fooyaawwan, kilaaseerii (kaardiiwwan) haphee, saanduqa gargaarsa jalqabaa meeshaalee guutuu waliin, meeshaalee muuziiqaa aadaa adda addaa, meeshaalee sagaleen ittiin waraabamuu , siidiiwwan sagaleewwan ittiin warabamee fi siirbsiistuu, inciiluulloo ,madaalaa siigiggoo, maraamartoo, hulluuqqii ujummoo, kortoo , gommaawwan hanga adda addaa qaban fi saanduqa cirrachaa

## Yeroo Marii

### Kardii Marii- ji'a 7ffaa

1. Akaakuun nyaataa fakkii irratti mul'atan maal maalliif fayyaduu?
2. Wantoota fakkii irratti mul'atanii fi wantoota nannoo keessanitti isin qunname wajjiin gochawwan walfakkaatan maal maal agartan ?
3. Fakkii keessatti lakkoofa mul'atan gidduu baay'ina guyyaa torbanii kan agarsiisu kami? Maqaa guyyootaa tarreessi.
4. Fakkii irratti gochawwan miidhaa geessisuu danda'an maal maal fa'adha? Akkamitti of irraa ittiisuu dandeenya?
5. Gochaalee fakkii irratti mul'ataniif fakkii fi boca kam hojjechuufii dandeessu? Akkamitti akka danda'amu nu hubachiisaa?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 26 "Gowwaa kee barbaadi" jedhu erga itti himteen booda gaaffii dandeettii isaanii wajjiin walitti dhufeenya qabu gaafadhu. Dhumarrattis ergaa yookan gorsa sheekkoo sanaa dabarsuu hin dagatina.
- Daa'imman sheekkowwan beekan akka jalqabanii fi isa jalqabames xumuruu akka danda'an taasisaa. Tokkoon tokkoon daa'immanii sheekkoo akka dhiyeessan carraa kennuufii hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alaa keessaa tapha lakkoofsa 24 “Miidhaa ittisuu” jedhu taphachiisudhaan daa’imman balaa akkamiin akka of irraa ittisuu danda’an hubachiisaa.
- Hidha taphoota dareen alaa keessaa tapha lakkoofsa 10 “Tapha si’oloo” guyyoota torbanii akka addaan baafataniif kan gargaaru taphachiisudhaan guyyoota torbee akka addaan baafatan godha.
- Daa’imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta’e  akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha Gocha Shaakalaa keessaa lakkoofsa 48 irratti haala jiruun guyyoota torbanii tartiiba isaatin akka himan taasisuudhan guyyoota torbanii akka addaan baafatan deeggaraa.
- **Gocha 2:** Hidha Gocha Shaakalaa keessaa lakkoofsa “49” irratti haala jiruun kuduraa fi fuduraa adda addaa iddoo qophaa’ef (Madabi) irratti yookan Xaasaa keessatti akka dhaaban gochuudhan waan haarawa hojjatanii mul’isuu akka danda’an taasisaa.
- **Gocha 3:** Tamboo aarsuu, Jimaa qama’uu, Alkoolii dhuguu fi kkf rakkoolee fiduu danda’an maatii fi guddistoota isaanii gaafatanii dhufuudhan guyyaa itti aanu daree keessatti akka irratti mari’atan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Kaardii marii irratti gochawwan mul’atan keessaa daa’imman kan fedhan filatanii fakkii kaasuun yookan boca akka hojjatanii fi hiriyyoota daree isaanititti akka agarsiisan jajjabeessaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogommaa gaarii lakkoofsa “18” waraqaa dadachaasuu fi mummuruudhan bocoota adda addaa akka hojjatan gochuudhan yaad-rimee Ji’ometirii akka hubatan taasisaa.
- Kaardota, Waraqatoota fi jirbiiwwaan halluu gara garaa qaban akkasumas halluuwwan gara garaa fi hapheessituutti fayyadamuudhan daree barnootaa isaanii wantoota ittiin hawwataa taasisan akka hojjatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Haala deeggarsa jalqabaa itti kennamu (First aid) fakkeessuun yookin gahee akka taphatan taasisuudhan yeroo balaan qunnamu rakkoo gahu hir’isuun akkamiin akka danda’amu akka hubatan taasisaa. Fkf. Daa’imni tokko tapha keessatti yoo miidhame daa’ima sana gargaarudhaaf gochaalee raawwatamuu qaban fakkeessanii akka taphatan gargaaraa.
- Hidha taphoota daree keessaa tapha lakkoofsa 26 “Maqaa fuduraalee” tapha jedhu taphachiisudhaan daa’imman nyaata faayida qabeessa ta’an akka addaan baafatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Sirboota gara garaa daa’imman dhageessisuudhan miira (Feeling) isaan muuziqaadhaf qaban akka ibsatanii fi muuziqaa akka dinqisiifatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 24 “Barattoota qaxalee” jedhu akka faarfatan taasisuudhan mataa isaanii balaa irraa ittisuudhaf ga’uumsa isaan barbaachisu akka dagaagfatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 26 “Faaruu guyyoota torbanii” jedhu faarfachiisudhaan guyyoota torbanii akka addaan baafatan taasisaa.

# Torban 28ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Faayidaa nyaata madaalawaa ni himu (Wayitii 5)
- Sheekkowwan ni himu (Wayitii 5)
- Goyyoota torbanii fi ji'oota himuu ni danda'u (wayitii 4)
- Ogummaa yeroo balaan dhaqqabe ofirraa ittisuu ni dagaagfatu (Wayitii 1)
- Qorichoota yookan keemikaalota yoo afaanin fudhataman balaa dhaqqabsiisuu danda'an addaan ni baafatu (Wayitii 2)
- Waqitilee (Seasons) ilaachisee amaloota qilleensa afran addaan ni baafatau (Wayitii 4)
- Wantoota adda addaatti fayyadamuudhan wanta haarawa umrii isaanii waliin deemu hojjachuudhan ni agarsiisu (wayitii 4)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii, Sheekkoo himuu, Ibsa kennuu, Gocha raawwii, gaaffifi deebii, faaruu, Tapha.

## Meeshaa Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, Kitaabolee taphaa fi faaruu, sanduuqa deeggarsa jalqabaa kiitii guutuu waliin, Kubbaa, Poostarii fakkii qorichootaa fi keemikaalota agarsiisu, fakkii waqtoota afran agarsiisu, Kilaaseerii, Dibduu qalamaa (Birush), Meeshaalee muuziqaa adda addaa, Waraabduu sagalee, CD wwaan sagaleen irratti waraabbame fi taphachiistuusaa, incullulloo, Madaala, Shunquqsitu (Shartattee), Naannoftuu (Maashkarkariyaa), ujummoo hulluuqqii, Kortuu, Gommaawwan hanga gara garaa qaban, Sanduuqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

## Kaardii marii ji'a 7ffaa

### Gaafilee Marii

1. Kaardii marii kana irraa gochoota naannoo keessanitti isin mudatan waliin kan wal fakkaatan kam kam argite?
2. Wantoota fakkii kardii marii irraa mul'ataniin ala manaa fi naannoo keessan keessatti wantoonni summaa'eedhaan balaa dhaqqabsiisuu danda'an maal maal fa'i?
3. Waqtiiwwan adda addaaawaggaa akeessatti ta'eewwan jijjiirama mul'achuu danda'an maal maal ta'uu danda'au jettee yaadda? Fkf Ganna lagni ni guuta, Bona baallii mukkeenii ni harca'a.

## Yeroo Sheekkoo

- Fakkiiwwan ilaaludhaan sheekkowwan akka himan taasisaa.
- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 27 "Jijjiirama ji'oota fi waqtiilee" sheekkoo jedhu seenessuudhan sheekkoo keessaa gaafilee gaafadhaa. Itti aansudhaanis ergaa yookan gorsa isaa dabarsaafii.
- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkoofsa 14 "Gorsa ogeessa fayyaa" jedhu irra deebin itti himuun sheekkoo kana keessaa gaaffii gaafadhaa. Itti aansudhaanis ergaa yookan gorsa isaa dabarsaafii. Kanaanis wantoota afaanin fudhatanii miidhaa dhaqqabsiisuu danda'an akka hubatan gargaaraa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota daree keessaa tapha lakkoofsa 29 "Dawaa argachuu" jedhu taphachiisudhaan balaa yoo uumame ogummaa ittisuu akka dagaagfatan taasisa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Dhaabbilee fayyaa naannotti argaman irraa fakkii qorichootaafi keemikaalotaa fiduudhan fakkii irratti agarsiisudhaan miidhaa qabaachuu fi qabaachuu dhabuu isaanii adda baafachuu akka danda'an gargaaraa.
- **Gocha 2:** Hidha gochaa, gocha lakkoofsa 50 bu'uura gochuun daa'imman faayidaa nyaata madaalamaa akka himan taasisaa.
- **Gocha 3:** Waqtiilee arfan (fkf Badheessa, Birraa, Bona, Ganna) jechudhan maqaan waamanii akka adda baafatan taasisaa.
- **Gocha 4:** Lakkoofsa bilbilaa yeroo balaa fi mallattoolee balaa kaardii irratti hojjatanii akka maxxansan gochuun yeroo balaatti gochaalee raawwachuu qaban akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Dibduu qalamaatti fayyadamuudhan yookan quba isaanii qalama tuqsiisudhaan fakkii hiika qabeessa ta'e akka kaasanii fi hiriyyoota daree isaanitti akka agarsiisan taasisaa.
- Fakkii duumessa, aduu fi rooba agarsiisu kaasuu fi halluu dibuudhaan akka maxxansan taasiaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha taphoota daree keessaa tapha lakkoofsa 27 (Hunduu Wiixata ni jaalata) jedhu taphachiisudhaan guyyoota torbanii akka adda baafatan deeggaraa.
- Waqtii kam keessatti uffata akkamii uffachuu akka qaban gahee taphachuudhan akka addaan baafatan taasisaa. (Fkf yeroo roobaa jaakkeettii roobaa,dibaabee ; yeroo aduu wayyaa sassalphoo kan akka t-shirt,qumxaa kkf.)

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 13 "Beenu ni duullaa" fayyadamuudhan guyyaa caamaa fi roobaa maaltu akka uumamu hubachiisaa.

## Barnoota Ji'a 8ffaa




# Torban 29ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Daa'imman qulqullina dhuunfaa fi fayyummaa isaanii ni eeggatu. (Wayitii 5)
- Sheekkoo ni himu yookan ni seenessu (Wayitii 5)
- Dhimmoota gara garaa irratti odeeffanno wal jijjiiru (Wayitii 3)
- Guyyoota torbee fi ji'ootaa waggaa himuu ni danda'u (Wayitii 4)
- Qorichoota yookan keemikaalota yoo afaanin fudhataman balaa dhaqqabsiisuu danda'an addaan ni baafatau (Wayitii 3)
- Waqtoota (Seasons) amaloota qilleensaa afran addaan ni baafatau (Wayitii 4)
- Wantoota adda addaa fayyadamuudhan wanta haarawa umrii isaanii waliin deemuu hojjachuudhan ni agarsiisu (wayitii 4)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii, Sheekkoo himuu, Ibsa kennuu, Gocha raawwii, gaafiifi deebii, faaruu, Tapha.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, Kitaabolee taphaa fi faaruu, Fakkiiwwan adda addaa qulqullina dhuunfaa agarsiisan, Waraqaa, qubeessaa, Halluuwwan, Haqxuu, Haphee, maqxuu (maqasii), Kaardii Filaashii, fakkii waqtoota afran agarsiisu, Kaalendarii, Loottoo, Meeshaalee muuziqaa adda addaa, Waraabduu sagalee, CD wwaan sagaleen irratti waraabbame fi taphachiistuusaa, incullulloo, Madaala, Shunquqsitu (Shartattee), Naannoftuu (Maashkarkariyaa), ujumoo hulluuqqii, Kortuu, Gommaawwan hanga gara garaa qaban, Sanduuqa cirrachaa.

# Yeroo Marii

| | Kaardii marii ji’a $8^{ffaa}$ | |
|---|---|---|

## Gaafilee Marii

1. Fakkii kardii marii kana irraa wantoonni isinitti mul’atan maal maal fa’i?
2. Fakkii kardii marii kana irratti namoonni qulqullina isaanii eeggatan isinitti mul’atuu? Maal maal gochuudhan qulqullina dhuunfaa keessanii eeggattu?
3. Kardicharratti wantoonni torbeewwanii fi ji’oottan agarsiisan isaan kam?
4. Kardicharratti ta’iiwwan waqtiilee afran agarsiisan maal maal fa’atu argama?
5. Kardicharratti gochaawwan guyyaa guyyaan raawwataman maal maaltu mul’ataa?

# Yeroo Sheekkoo

- Sheekkowwan haarawa kan mataa isaanii uumanii hiriyyoota daree isaanitiif akka himan taasisaa.
- Sheekkoo wantoota summaa’oo balaa dhaqqabsiisuu danda’an ibsu qopheessun daa’immaniif dhiyeessaa. Itti aansudhaanis gaaffilee sheekkoodhaan wal qabatan gaafachuudhan hubannoo isaanii daran akka dagaagfatan taasisaa. Dhumarrattis gorsa kennaafii.
- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkofsa 28 “Korophiisa ofjajaa” jedhu itti himuudhaan gaaffilee ga’umsa isaanii waliin deemu gaafadhaa. Dhumarrattis ergaa sheekkoon sun dabarsu itti himuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alaa keessaa tapha lakkoofsa 30 "Qulqullina walitti fufiinsa qabu" tapha jedhu taphachiisun qulqullina dhuunfaa isaanii akka hubatan taasisaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha shaakallii gochaa lakkoofsa 51 bu'uura gochuun daa'imman hojiiwwan fakkii yeroo garagaraatti qopheessan bifa kitaabatiin qopheessanii barattoota birootiin akka wal jijjiran taasisaa.
- **Gocha 2:** Hidha gochaa, gocha lakkoofsa 52 bu'uura gochuun poostara maxxanfame lakkoofsa guyyaa waggaa dhiyeessun ji'ootaa fi guyyoota adda baasanii akka agarsiisan taasisaa.
- **Gocha 3:** Ji'oota waqtiilee afran keessatti argaman maatii isaanii gaafatanii dhufuudhan hiriyyoota daree isaanitti akka himan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Kaardii marii ilaalun fakkii waqtiilen Bonaa fi Gannaa agarsiisu kaasuun daree barnoota isaanii keessatti akka maxxansan taasiaa.
- Kardii mariitti fayyadamuun daa'imman waantoota naannoo isaaniitti beekan irraa fakkii adda addaa akka kaasan taasisaa.
- Daa'imman wanta fedhan filatanii kennaa mata isaaniitti fayyadamuun fakkii akka kaasanii fi hiriyyoota daree isaanitti akka agarsiisan taasisaa .

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Tokkoon tokkoon waqtiilee ji'a kam keessa akka dhufu hubachiisuf tapha fakkii doominoo taphaachisaa.
- "Taphaa Meeshaa" Daa'imman taphaachisuun, daa'imman nyaata duraa fi booda harka isaanii akka dhiqatanii fi meeshaas dhiquu akka shaakalan taasisaa.
- Waa'ee wantoota araada fidanii yookin wantoota summaa'oo tapha hiibboo taphaachisudhaan waa'ee miidhaa isaan qaban akka hubatan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 14 "Qulqullina keenya haa eegganu" jedhu irra deddeebiin akka faarfatan gochuun akkaataa qulqullina dhuunfaa isaanii itti eeggatan hubannoo akka dagaagfatan taasisa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 27 "Waqtiilee" jedhu faarfachiisudhaan waa'ee waqtiilee akka hubatan taasisaa.

# Torban 30ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Daa'imman qulqullina dhuunfafi fayyummaa isaanii ni eeggatu (Wayitii 5)
- Dhimmoota gara garaa irratti odeeffannoo wal jijjiiru (Wayitii 3)
- Ibsa dabalataa taasisuun jijjiirraa gochuun Sheekkoo duraan jiru ni fooyyeessu (Wayitii 2)
- Taateewwan yeroo keessatti raawwataman addaan ni baafatu (Wayitii 4)
- Qorichoota yookan keemikaalota yoo afaanin fudhataman balaa dhaqqabsiisuu danda'an addaan ni baafatau (Wayitii 3)
- Waqtiilee (Seasons) ilaalchisee amaloota qilleensa afran addaan ni baafatu (Wayitii 1)
- Faayidaa Waqtilee (Seasons) ilaalchisee amaloota qilleensaa ni himu(Wayitii 1)
- Qubeewwaniitti yookin lakkoofsotaatti fayyadamuun kutaalee qaamolee adda addaa beeladaa tokko bakka buusu fakkii ni kaasu (wayitii 4)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii, Sheekkoo himuu, Ibsa kennuu, Gocha raawwii, gaaffiifi deebii, faaruu, Tapha.

## Meeshaa Deeggarsa Barnootaa

Kaardii marii, sheekkoo, Kitaabolee taphaa fi faaruu, Sahanii, saamuna, Bishaan ,joogii bishaanii, fakkiilee walitti fufaa, fakkii waqtoota afran agarsiisu/ Kaalendarii, sa'aati, fakkii, Waraqaa, qubeessituu, Halluuwwan, kilaseerii, lakkoofsota ciccita, halluu bishaanii, paaziloota waqtiilee adda addaa agarsiisu, Meeshaalee muuziqaa adda addaa, Waraabduu sagalee, CD wwaan sagaleen irratti waraabbameefi taphachiistuusaa, incullulloo, Madaala, Shunquqsitu (Shartattee), Naannoftuu (Maashkarkariyaa), ujummoo hulluuqqii, Kortuu, Gommaawwan hanga  gara garaa qaban, Sanduuqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

## Kaardii marii ji'a $8^{ffaa}$

### Gaafilee Marii

1. Fakkii kaardii marii kana irraa namootni odeeffannoo wal-jijjirian eenyu fa,i?
2. Fakkiiwwan kaardii marii kana irratti jiraniin ala fakkiileen itti yaa dabalamu osoo jedhamee  fakkii akkamii  itti dabaltu?
3. Sa'aatiiwwan fakkicharratti mul'atan yeroo akkamii agarsiisu? Fkn. yeroo ciree, yeroo ka'umsaa hirribaa, fi kkf.
4. Kardicharratti ji'ootni waggaa meeqatu jiru? Maqaa isaanii hima? Waqtiilee kam kam agarsiisu?

## Yeroo Sheekkoo

- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkofsa 14 Sheekkoo gorsa ogeessa fayyaa wantoota afaaniin yoo fudhataman miidhaa geessiisan barsiisuun irra deebi'uun itti himaa. Itti aansudhaanis gaaffilee sheekkoodhaan wal qabatan gaafachuudhaan akka irratti marii'atan taasisaa. Dhumarrattis gorsa kennaafii.
- Daa'imman hundi dabaree dabareedhaan sheekkoo duraan beekan karaa mataa isaaniitiin fooyyeessun ibsa dabalata awaliin akka himan taasisaa.
- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkofsa 29 "Lukkuu diimtuu xiqqoo" jedhu itti himuudhan gaaffilee dandeettii isaanii waliin deeman gaafadhaa. Dhumarrattis ergaa sheekkoon kun dabarsu itti himuu hin dagatina.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota dareen alaa keessaa tapha lakkoofsa 30 "Qulqullina walitti fufiinsa qabu" jedhu taphachiisuun harka dhiqachuun haala qulqullina dhuunfaa isaanii itti eeggatan akka shaakalan taasisaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e  akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Hidha shaakala gochaa lakkoofsa 53 irra kan taa'en daa'imman nyaata yoo nyaatan seera kabajuu qaban ( Fkn. nyaata duraa fi booda harka dhiqachuu, meeshaa itti nyaatame dhiquu, fi kkf) akka shaakalan taasisaa.
- **Gocha 2:** Fakkiii filaash kardii irratti waqtiileen afran amaloota qilleensaa qopheessuun walkeessa makuun tartiiba isaa eeganii akka kaa'aan taasisaa.
- Qonnaan bulaan waqtiilen afran keessatti maal maal akka hojjatan maatii isaanii gaafatanii dhufuudhan hiriyyoota daree isaanitti akka himan taasisaa.(Fkn. yeroo gannaa ni qootu)

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Fakkii sa'aatii halluu dibuudhaan yaad-rimee  yerooirratti akka mari'atan taasiaa.
- Hidha ogummaa gaarii keessatti ogummaa gaarii lakkoofsa 19 lakkoofsotaatti fayyadamuun fakkii akka kaasan taasisaa.

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Hidha  taphoota daree keessaa  tapha lakkoofsa 28  sheekkoo beekan filachuun taatota fakkeessanii akka agrsiisaan taasisaa.
- Paziloota waqtiilee  bu'uurreeffatamanii qophaa'an akka walitti qabsiisan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 27 "Waqtiilee" jedhu irra deebiin faarfachisudhaan faayidaalee amaloota waqtiilee qilleessaa akka ibsan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 6 "harka dhiqannan akkana" jedhu irra deebiin akka faarfatan gochuun akkaata qulqullina dhuunfaa isaanii itti eeggatan hubannoo akka dagaagfatan taasisaa.

# Torban 31ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Daa'imman qulqullina dhuunfaa fi fayyummaa isaanii ni eeggatu (Wayitii 2)
- Waa'ee garaagarummaa kornayaa fi dagaagina nafa namaaa ni ibsu (Wayitii 3)
- Ibsa dabalataa gochuun Sheekkoo duraan jiru ni fooyyeessu (Wayitii 3)
- Dandeettii barreessuu uumamaan jirutti fayyadamuun barreeffamoota adda addaa kaayyoo adda addaatiif ni barreessu(Wayitii 2)
- Gochaalee yeroo keessatti raawwataman addaan ni baafatu (Wayitii 4)
- Qorichoota baarbachisanii fi hin barbaachisnee addaan ni baafatu (Wayitii 3)
- Faayidaalee Waqtoota (Seasons) amaloota qilleensa afranii ni ibsu (Wayitii 3)
- Miidhaa jijjiramni amaloota qilleensaa Waqtootaa (Seasons) fidu ni ibsu(Wayitii 1)
- Qubeewwaniitti yookin lakkoofsotaatti fayyadamuun kutaalee qaamolee adda addaa beeladaa tokko bakka buusun fakkii ni kaasu (wayitii 2)
- Diraamaa fi sochii walfakkaataa keessatti ni hirmaatu. (wayitii 2)

## Mala Baruu-barsiisuu

Marii, Sheekkoo himuu, Ibsa kennuu, Gocha raawwii, gaaffifi deebii, faaruu, Tapha.

## Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, Kitaabolee taphaa fii faaruu, cirracha/biyyee gogaa, filaash kardii fi poostarii jijjirama qilleessaa agarsiisu, Waraqaa, qubeesituu, haqxuu, , Halluuwwan, lakkoofsota, ciccita paaziloota qubeewwanii, Meeshaalee muuziqaa adda addaa, Waraabduu sagalee, CD wwaan sagaleen irratti waraabbame fii taphachiistuusaa, incullulloo, Madaala, Shunquqsitu (Shartattee), Naannoftuu (Maashkarkariyaa), ujummoo hulluuqqii, Kortuu, Gommaawwan hanga gara garaa qaban, Sanduuqa cirrachaa.

## Yeroo Marii

## Kaardii marii ji’a 8ffaa

### Gaafilee Marii

1. Kornayaa namootaa fi kormaa fi dhalaa beeladootaa fakkii kardii marii kana irraa mul’atanii himuu dandeessaa? Kornayaan dhalaa kan ta’an ykn dhiira kan ta’an kam fa’i?
2. Fakkii kaardii marii kana irratti daa’imman meeqaa fi ga’eessota meeqatu jira?
3. Fakkii kardii marii kana irratti ganama, guyyaa fi galgaala wantoota raawwataman fakkiin agarsiisuu jiraa? Maal maal fa’i?
4. Kardicharratti qilleessi mijaawaan mul’atu kun osoo jijjiramee maaltu qunnamuu dandaa’a? Fkn. roobni osoo bade

## Yeroo Sheekkoo

- Daa’imman bifa geengootiin erga ta’anii booda dabaree dabareedhaan sheekkoo duraan beekan himudhaan yaada isaanii bifa sheekkootiin dandeettii ibsachuu akka dagaagfatan shaakalsisaa.
- Hidha sheekkoo keessaa sheekkoo lakkofsa 27 Jijjiirama Ji’ootaa fi waqtiilee itti himuudhan gaaffilee dandeettii isaanii waliin deemu gaafadhaa. Dhumarrattis ergaa sheekkoon kun dabarsu itti himuu hin dagatinaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Daa'imman sagaleewwan bineensota adda addaa, akkasumas sagalee namootaa umrii fi kornayaan akkeessanii taphaachuun hiriyyoota daree isaaniitiif akka dhiyeessan gochuun garaagarummaa dagaaginaa fi kornayaa akka hubatan taasisaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Gaaffilee gochaawwan yeroo darbee fi kan gara fuula dura raawwataman gaafachuun akka deebisan gochuun yerootti fayyadamuun wanta raawwatan akka ibsan taasisaa.(Fkn. kaleessa yeroo kanatti maal raawwachaa turtan? Bara dhufu maal hojjettu?
- **Gocha 2:** Sababa jijjiirama qilleensatiin rakkoolee adda addaa qunnaman ( hoongee, lolaa, hanqina nyaataa, dhibee, godaansa,du'a) fakkii filaash kardii fi poostaraan dhiyeessuun fakkii filaash kardii fi poostara irra jiru akka waliitti firoomsaanii fi tokko tokkoo isaanii irratti maarii'achuun akka hubatan taasisaa.
- **Gocha 3:** Faayidaalee adda addaa amalootni qilleessaa qaban maatii isaanii gaafatanii dhufuudhan hiriyyoota daree isaanii waliin akka marii'atan taasisaa.(Fkn. yeroo gannaa roobni ni rooba; kun immoo midhaan akka margu taasisa.)
- **Gocha 4:** Sagantaa eebbaa manneen barnoota idilee duraa irratti diraamaa shaakaluun akka qopheessan taasisaa.(Fkn. waa'ee kuununsa daa'immanii, waa'ee faayidaa fi barbaachisummaa barnootaa fi kkf.)

## Yeroo Ogummaa Gaarii

- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 20 "hantuutittii fi ilmoolee ishee" mata duree jedhu gochaan hojjechuun dandeettii waa uumuu isaaanii akka dagaagfatan deeggaraa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 21 "Seenaa Guddina Biqiltittii" mata duree jedhu gochaan hojjechuun dandeettii waa uumuu isaaanii akka dagaagfatan deeggaraa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 19 lakkoofsatti fayyadamuun fakkiiwwan akka kaasan taasisaa.(Fkn. lakkoofsa 8 tti fayyadamuun fakkii adurree, lakkoofsa 3tti fayyadamuun gurra namaa, lakkoofsa 1tti fayyadamuun funyaan namaa).

## Yeroo Taphoota Daree Keessaa

- Qorichoota of-eeggannoo malee fudhatamaniin balaa yoo qunname seerota ittisa isaa diraamaan akka argisiisan taasisaa. (Fkn. Bilbila yeroo balaa bilbiluu, yeroo balaan qunname maqaa namaa waamamuu teessoo isaa waliin kennuu,fi kkf)
- Hidha taphoota keessaa taphaa lakkoofsa 28 sheekkoo beekan filachuun gahee taatoo ta'anii akka agrsiisaan taasisaa.
- Daa'imman bifa taphaatiin qubeewwan walitti fiduun jechootaa fi himoota adda addaa akka uumanii fi barreessan taasisaa.

## Yeroo Muuziqaa

- Faaruuwwan yeroo ayyaanaa faarfachiisuun waa'ee ayyannichaa akka hubatan taasisaa. ( Fkn. Yaa abaaboo yeroo bara haaraa, guyyaa dhaloota gaarii guyyaa dhalootaafi kkf)
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 14 "Qulqullina keenya haa eeganu" jedhu akka faarfatan gochuun akkaataa qulqullinaa fi fayyummaa itti eeggatan hubannoo akka dagaagfatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 28 "faaruu gammachuu eebbaa" jedhu irra deeddebiin faarfachuun shaakaluudhaan akka Sagantaa eebbaa manneen barnoota idilee duraa irratti dhiyeessan taasisaa .

# Torban 32ffaa

## Gahumsa Barachuu Torbanii

**Daa'imman barnoota kana booda::**

- Waa'ee garaagarummaakornaya fi dagaagina nafa namaaa ni ibsu. (Wayitii 5)
- Dandeettii barreessuu umaama jirutti fayyadamuun barreeffamoota adda addaa kaayyoo adda addaatiif ni barreessu .(Wayitii 5)
- Gochaalee yeroo keessatti raawwataman addaan ni baafatu .(Wayitii 4)
- Qorichoota barbaachisanii fi hin barbaachisne addaan ni baafatu. (Wayitii 3)
- Miidhaa jijjiiramni amaloota qilleensaa Waqtootaa (Seasons) fidu ni ibsu. (Wayitii 4)
- Diraamaa fi sochii walfakkaataa keessatti ni hirmaatu. (wayitii 4).

### Mala Baruu-barsiisuu

Marii, Sheekkoo himuu, Ibsa kennuu, Gocha raawwii, gaafiifi deebii, faaruu, Tapha.

### Meeshaalee Baruu-barsiisuu

Kaardii marii, sheekkoo, Kitaabolee taphaa fi faaruu, Baaldii, joogii, filaash kardii fi poostara jijjiirama qilleessaa agarsiisuu, cirrachaa/ biyyee bullaa'aa, Waraqaa, qubeessituu, haqxuu, Halluuwwan, kilaasseerii, lakkoofsota garagara ciccitaa, paaziloota qubeewwanii, Meeshaalee muuziqaa adda addaa, Waraabduu sagalee, CD wwaan sagaleen irratti waraabbameefi taphachiistuusaa, incullulloo, Madaala, Shunquqsitu (Shartattee), Naannoftuu (Maashkarkariyaa), ujummoo hulluuqqii, Kortuu, Gommaawwan hanga gara garaa qaban, Sanduuqa cirrachaa

## Yeroo Marii

## Kaardii marii ji'a 8ffaa

### Gaafilee Marii

1. Dubartoonni fakkii kardii marii kana irratti mul'atan uffata halluu akkamii uffatanii jiru? Daa'imman dhiira hoo?
2. Fakkiiwwan kardii marii kana irratti fakkii uffata ji'oota roobaa fi aduu keessatti uffataman mul'isu arguun ni danda'amaa? Maal maal fa'i?
3. kardicharratti qilleessi mijaawaan mul'atu kun osoo jijjiiramee maaltu qunnamuu danda'aa? Fkn. Roobni osoo jiraachuu baatee?

## Yeroo Sheekkoo

- Daa'imman bifa geengootiin erga taa'anii booda dabaree dabareedhaan sheekkoo himuudhaan dandeettii yaada isaanii bifa sheekkootiin ibsachuu akka dagaagfatan shaakalsisaa.

## Yeroo Taphoota Dareen Alaa

- Hidha taphoota keessaa taphaa lakkoofsa 31 “Gochaalee guyyoota ayyaanaa” fakkeessuun yookin gahee taphachuun barbaachisummaa fi gochaalee guyyaa ayyaanaa raawwataman akka addaan baafatan taasisaa.
- Daa'imman tapha fedhan filatanii dhuunfaan yookiin gareen akka taphatan gochuun dagaagina hunda galeessa ta'e akka gabbifatan gargaaraa.

## Yeroo Shaakala Gochaa

- **Gocha 1:** Ogeessa fayyaa affeeruudhaan daa'imman waa'ee barbaachisummaa qorichaa fi dhimma fayyaa biroo akka hubatan taasisaa.
- **Gocha 2:** Daa,imman guyyaa, ji'aa,fi bara dhaloataa isaanii maatii isaanii gaafatanii akka barreessan gochuun hiriyyoota daree isaanitti akka himan taasisaa.
- **Gocha 3:** Sababa jijjiirama qileensaatiin rakkoolee adda addaa qunnamuu danda'an( hoongee, lolaa, hanqina nyaataa, dhibee, goodaansa, du'a) fakkiiwwan filaash kardii fi poostara irra jiran walitti akka firoomsanii fi irratti mari'atan taasisaa.
- **Gocha 4:** Sagantaa eebbaa manneen barnoota idilee duraa irratti diraamaa qopheessuun akka shaakalanii dhiyeessan taasisaa.

## Yeroo Ogummaa Gaarii


- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 20 “hantuutittiifi ilmoolee ishee” mata duree jedhu gochaan hojjechuun dandeettii waa uumuu isaaanii akka dagaagfatan deeggaraa.
- Hidha ogummaa gaarii keessaa ogummaa gaarii lakkoofsa 21 “Seenaa biqiltuttii” mata duree jedhu gochaan hojjechuun dandeettii waa uumuu isaaanii akka dagaagfatan deeggaraa.
- Qoricha seeraan ala fudhatamee to'aachuuf tarkaffilee fudhatamuu qabu diraammaa hojjechuun yaa ibsan. Fkn. yeroo balaa qunnamee bilbilaa bilbiluu, yeroo balaan qunname nama waamamu maqaa fi teessoo isaa/ishee himuu fi kkf.


## Yeroo Taphoota Daree Keessaa


- Ttapha sheekkoo beekan filachuun taatoo ta'anii akka agrsiisaan taasisaa.
- Daa'imman bifa taphaatiin qubeewwan walitti fiduun jechootaa fi himoota adda addaa akka uumanii fi barreessan taasisaa.


## Yeroo Muuziqaa

- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 28 "Faaruu gammachuu eebbaa" jedhu irra deeddebiin faarfachuudhaan akka shaakalan gochuudhaan eebba manneen barnoota idilee duraa irratti hiriyyoota daree fi barsiisota isaaniitiif akka dhiyeessan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa tapha aadaa lakkoofsa 29 "Faaruu loonii" jedhu tapha aadaa daa'immanii, daa'imman garee lamatti qooduun gareen tokkoffaan "loowwan yaa saawwan koo" yoo jedhu garee lamaffaan immoo "hoo" jechuun irraa fudhaa jalqabaa hamma dhumaatti akka taphaatan taasisaa.
- Hidha muuziqaa keessaa faaruu lakkoofsa 30" Faaruu kukkuluu" jedhuuf jalqaba yeedaloo isaa daa'imman dhaggeessiisaa. Itti aansuudhaanis daa'imman ofii isaaniitiin akka faarfatanii fi meeshaalee rukuttaa salphaa ta'anii fi rukuttaa harkaa walitti qindeessuun sochii wajjin akka faarfatan taasisaa.




ISBN: 978-99944-2-885-4
Gatii: 90.00